Ifa Basuu

Baroota Waldaale Torbanii

Boqonnaa Sadi

Baricha Waldaa Efeeson

Seensa Baroota Waldaa

Waay'ee ergaa baroota Amantaa guutumaan guututti qayyabattaniif, maqaalee ergamooraa, dheerina barootaa fi dhimmoota biroo achii keessatti ga'ee qaban irra akka ga'uu ulaagaalee naaf eeyyaman ibsuu nan hawwa.

Qo'annaa hanga ammaatti adeemsise keessaa inni kun ga'ee guddaa kan qabu waan ta'eef, Waaqayyoo ibsa Hafuura Qulqulluu akka naaf kennu guyyoota hedduuf gara Isaatti iyyaan ture. Sana booda caafatoota waay'ee baroota Amantaa irratti barreeffaman dubbisuudhaan qofa, gara seenaa barreessitoota loogummaa hin qabneen barreeffamanitti gadi bu'ee barbaada. Waaqayyo kadhannaa koo utuu hin deebisin ollee hin beeku, yeroo Caafatootaa fi seenaawwan dubbisutti, Hafuurri Qulqulluun wantoota jaarraawwani fi yeroo ammaa, bara dhumaa kanatti ta'e furtuun naaf banamee akka argu na gargaare jira.

Ergamoota baroota tokko tokkoof ergaman akkan murteessuu danda'uuf Furtuun Gooftaa irraa naaf kenname caafata irratti kan hundaa'ee dha. Dhugumatti immoo inni kun dhugaa furtuu Macaaficha Q ulqulluuti.Inni kun mul'ata Waaqayyoo gonkumaa jijjirree dha, adeemsi Isaas akkuma Isaattii gonkumaa kan hin jijjiramnee dha. Ibr.13: 14,15 keessatti akkana jedha,

"Yesuus Kiristoos Kaleessa, har'aa fi borus sanuma."

Macaafa Lallabaa 3:14,15,

"Wanti Waaqayyo hojjetu bara baraan akka jiraatu ani beeka;wanti isatti dabalamu yookiis isa irraa fudhatamu tokko illee hin jiru, Waaqayyo namni akka Isa sodaatuuf wanta akkasii kana hojjete.

Wanti amma jiru isuma dura turredha, wanti si'achi ta'us isuma dur ta'ee turee dha, Waaqayyo isuma darbe deebisee ni fida."

Kanuma: Waaqayyo Inni hin jijjiramne adeemsi Isaas kan hin jijjiramnee dha. Wanta Inni kanaan dura raawwachaa ture haaluma wal fakkaatuun hanga bara DHUMAATTI ittuma fufa.Jijjiramni gonkumaa hin jiraatu. Kana Baroota Waldaaleetti fayyadamaa. Namtichaan Waaqayyo baraa isa duraatiif filee fi haallii waaqayyoo tajaajila namticha sanaa keessatti ibsame baroota hafan biroo hundaaf fakkeenya kan ta'uu dha.Wanti Waaqayyo bara amantaa isa jalqabaa keessatti hojjete, baroota amantaa hafan hunda keessattis isuma hajjachuu barbaada.

Amma Sagalee Hafuura Qulqulluudhaan katabamee keessaa,haala Waldaan Isheen jalaqabaa hundeeffamte fi hammam Waaqayyo Ishee keessatti of mirkaneesse hubannee jira.Sagalichi jijjiramuu hin danda'u, sababni isaas Sagalichi mataan isaa Waaqayyo waan ta'eef. Yohaannis 1:1,

"Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture, Sagalichi Waaqayyo bira ture, Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture."

Akkuma Heewaan raawwatetti Sagalicha irraa jecha tokko hir'isuun cubbuu fi du'a fida, Mul'ata Yohaannis 22:18-19 keessattis kanuma hima.

"Namni dubbiraajii Macaafa kanaa dhaga'u hunda nan beekkachiisa;jechuunis nama kamiiyyuu yoo inni dubbi kanatti waan tokko illee ida'e, Waaqayyo dhayichawwan macaafa kana keessatti ibsaman isatti ida'a.

Namni kamiiyyuu yoo macaafaa raajii kana keessaa waan tokko illee hirdhise, Waaqayyo muka jireenyaati fi magaalatti Qulqulluu macaafa kana keessatti ibsaman keessaa qooda isaa hir'isa."

Kanaafuu, wanti Waldaan bara Shantamaffaatti turte madaalli dha. Furticha is asana. Furtuun biraa hin jiru. Beektonni waan fedhanis jedhan, Waaqayyo furtuu sana

gonkumaa hin jijjiru. Wanta Waaqayyo yeroo Shantamaffaatti raawwate hanga Baroonni Amantaa xummuramutti itti fufuu qabaata.

Beektonni hammamiiyyuu barri Abbootii(Apostolic) dhumatee jira jedhanii isinitti himuu malanis, itti hin amaninaa. Himni akkasii bifa lamaan dogoggora. Hunda dura, Sababa abootiin kudha lamaan duraa du'aniif,kana booda abootiin hin jiran jedhanii yaaduun dogongora. Abbaa (apostle) jechuun kan egame jechuu dha, yeroo ammaa immoo ergamoonnni heddu ni jiru, mishinaroota jedhamanii waan waamamaniif malee. Namoonni dibamanii Sagalee jireenyaa qabatanii qabatanii hanga dhufanitti barri Abbootii ittuma fufa. Lammaffaan immoo Hafuurri Qulqulluun kan ibsame bara Macaafniu Qulqulluun katabamee irraa kaaseeti jedhanii agarsiisu. Inni kun dhugaa miti. Yaada kana kan ibsu caafatni tokkoo iyyuu hin jiru, garuu baay'een isaanii walumaagalatti kanuma kaa'u. Yaadoleen lamaanuu soba ta'uu isaanii Hojiin Ergamootaa 2:38,39 ni mirkaneessa.

"Pheexiroos immoo, "Yaada garaa keessan geeddaradhaa;cubbuun keessan akka isiniif dhiifamiif tokkoon tokkoon keessan Maqaa Yesuus Kiristoositti cuuphamaa. Kennaa Hafuura Qulqulluus ni fudhattu.

Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraatan Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis jedhee deebiseef."

Humni abidichaa kan abbootiin guyyaa shantamaffaatti itti dandamatan sun isiniif, "(Israa'eloota) fi ijoollee keessaniif (Israa'eloota) fi warra fagaatanii jiraataniif (Israa'eloota warra hin ta'in) fi waaqayyo keenya gooftichi itti waamamu hundaafis (Israa'elootaa fi warra Israa'elota hin ta'in lachuu", hanga inni waamicha dhaabutti, ergaan Pheenxeqosxee fi humni HIN DHAABBATU.

Wanti Waldaan guyyaa Shantaffaatti qabdu mirga irra fudhatamuu hin dandeenyee dha. Duraan dursee, Waldaan Sagalee Waaqayyoo isa dhugaa qabaachaa turte. Isheenis aangoo Waaqayyoo isa mallattoo fi hojii dinqisisaa ta'een karaa gara garaatiin hojjachuudhaan, akka jaalala isaatti, kennaa Hafuura Qulqulluu hiruudhaan dhagaa ta'uu ishee mirkaneessee jira. Ibroota 2:1-4,

"Knaafis nuyi karaa irraa akka hin girreef, dubbii isa dhageenye kana caalchifnee yaadaan duukaa bu'uun ni barbaachisa.

Dubbiin ergamoota Waaqayyootiin dubbatame fudhatamaa ta'ee, namni isa irra daddarbee yookiis namni isaaf dhaga'uu dide, hundinuus adaba isaaf ta'u ni argate.

Yoos immoo nuyi fayyina guddaa akkasii isa gooftaan ofii isaati jalqabatti dubbate tuffanne,akkamitti isa jalaa baana ree? Warri isa dhaga'an immoo dubbii kana nuuf cimsaniiru.

Kana irrattis Waaqayyo mallattoo fi wanta dinqisiisaa karaa gara garaas hojii aangoo hojjachuudhaan, akka jaalala isaatti kennaa Hafuura Qulqulluu hiruudhaan, duukaa bu'ee dhugaa ta'uu isaa mul'iseera.

Waldichi isheen duraa sun namootaan kan qindeeffamtee miti. Hafuura Qulqulluudhaan kan bulaa turteee dha. Guddaas hin turre. Jibbiinsaa fi ija badaanis ilaalamaa turte. Dhiibbaanis irra ga'aa ture. Hanga du'aattis arii'amaa turte. Garuu isheen Waaqayyoof amanamaa turte. Fuula Sagalee Waaqayyoo isa duraa qabatte jiraatte.

Asitti amma karaa irraa hin gorinaa. Yommuun ani Waaqayyoo fi karaan Isaa gonkumaa hin jijjiramu jedhu,Waldaaleenii fi Ergamoonni isaanii jijjiramani hin beekan jechuu koo miti. Waldaan Waaqayyo miti. Kanaafuu ni jijjiramti. Garuu kan ani jechaa ture sababa Waaqayyo fi karaa hin jijjiramne Isaatiin gara jalqabaatti deebinee gocha isa duraatii fi dhugaa Waaqayyoo hubannee, sana booda dhaabuma sana irratti hundoofnee haa murteessinuu dha. Karaan itti raawwatamaa ture sana. Waldaan isheen dhugaa yeroo hundaa haala guyyaa Shantamaffaa isa dursa tureetiin adeemti. Waldichi isheen dhugaa bara kanaas waldaa jalqaba ture sana fakkaachuuf ni yaalti. Akkasumas Ergamoonni Waldaalees Hafuura Waaqayyoo ofirraa qabaachuudhaan,Abbicha Phaawulosiin fakkaachuuf ni tilmaamu. Guutumaan guututti isa fakkaachuu hin danda'an; garuu ergamoonni isaan dhugaa ta'an Phaawulositti, isa namoota keessa of bilisa baase guutumaan guututti Waaqayyoof kan of gurgure fi Sagalee Waaqayyoo qofa kan barsise fi Hafuura Qulqulluu aangoodhaan kan mirkaneesse sana kan fakkaatanii dha. Kan biroo eenyus kana hin goone. Isa jalqaa irraa hojjachuutu isin irraa eegama. Akkuma Waldaan dhugaa yeroo hundaa duuka hundeessitoota ishee kan guyyaa Shantamaffaa hordoftutti fi Ergamoonni isheetis hawaariyaa Phaawulos,Waldaa bara

jalaqabaatiif ergamaa jalqabaa kan ta'e hordofu. Hanguma kana salphaa fi dinqisiisaa dha.

Furtuu salphaa ta'e, garuu immoo baay'ee gaarii kan ta'e kana qabadhee, gargaarsa Hafuura Qulqulluudhaan, Macaafa Mul'ataa fi seenaa baroota tokko tokkoo, Ergamoota tokko tokko, turtii baroo hundaa fi tokko tokkoo isaanii jalqaba bara tokko hanga dhumaatti kaayyoo Waaqayyoo guutuudhaaf ga'ee isaan ba'an dubbisuu danda'ee ture.

Amma Waldaa dhugaa ishee jalqabaa maal akka fakkaatu haala itti murteessinu waan qayyabattaniif (guyyaa Shantamaffaatti maal akka fakkaatuu fi bara Abboota keessatti maal akka fakkaatu haaluma macaafa Hojii Ergamootaa keessatti tarreeffametti) seeruma walfakkaata ta'etti fayyadamne Waldaan haala kamiin akka kufe beekuu ni dandeenya.Dogongorri inni jalqabaa kan gara Waldaa jalqabaatti seenee fi Macaafa Hojii Ergamoota keessatti mul'ate fi barreeffamoonni ergamootaa baroota itti aanan keessatti suuta suutaan mul'achaa hanga bara dhumaa kana Laawudeqiyaa kana keessatti guutumaan guututti dhugaan badutti ga'ee jira.

Amma Furtuu Goofticha irraa dursa arganne keessaa, dhugaan dinqisiisaan xinnoo ishee gadi annaa ta'e tokko ni dhafa. Akkuma dursa dubbadhetti Waldaan isheen dhugaa yeroo hundaa waldicha Hojii Ergamoota keessa turetti ta'uuf ni yaalti. Sun dhugaadhumatti dhugaa dha. Garuu immo Sagalichis yeroo Waaqayyoo itti dhufuuf ga'e bara dhumaa kana keessatti weerara dogongoraa akka barsiisuu hubachuu dandeenyee jira. Gaafiin gara sammuu keenya keessatti dhufus, Waaqayyo warra kan Isaa ta'an wallaalchisuu ni danda'aa? Bifa kamiinuu, Caafatichi Maatiyoos 24:24 keessatti ifatti Isaan filataman GONKUMAA sobamuu hin danda'an jedha.

"Masihoonni Sobaati fi raajonni sobaa ka'anii YOO DANDA'AME warra Waaqayyoof foo'aman iyyuu akka wallaalchisaniif milikita gurguddaa fi dinqii baay'ee ni agarsiisu."

Kanaa achi hoo? Deebiin nuuf ifaa dha.Waldaan dhugaa fi Waldaan Sobaa ni jira.Jirmi dhugaa fi jirmi sobaas akkasuma ni jira. Garuu Waldichi sobaati fi qaamni jirma sobaa sun yeroo hundaa aangoo fi sadarkaa Waldicha dhugaa seeraan ala qabachuuf yaaluun isheen, kan filatamte utuu hin ta'in, dhugaa fi kan raaggaasifamte fakkeessuuf ni yaalti. Sobni dhugaa ajjeesuuf ni yaalti. Macaafa Hojii Ergamoota keessattis kanumatu ture, baroota torban keessattis kanumatu tarreeffame,barreeffamoota heddu keessattis kanumatu labsame. Gochichai haala kana ture. YYeroo ammas haaluma kanaan jira. Fuulduras haaluma kanaan itti fuufa. Jijjiramuu hin danda'u.

Mee amma qabxiik ana irratti akka hin dogongorre haa xiyyeeffannu.Kanaafuu jecha kana qati qabeessa akka nuuf godhuuf Sagalicha ni barbaanna. Mee gara macaafa Seera Uumamaatti, kan jalqabaa ta'etti haa deemnuu. Dallaa Edan keessatti biqiltoota LAMA turan.Inni Tokko gaarii, inni kaan immoo hamaa ture. Tokko JIREENYA yommuu oomishu, ninni kaan immoo DU'A oomishe. Jalqaba Waaqayyoof aarsaa qalmaa kan dhiyeessan ijoollee lama turan. Mee isa kana irra haa deebi'uu, ijoolleen lamaanuu Waaqayyoof aarsaa cubbuu dhiyeessan.Seera Uumama 4:3-5,

"Guyyaa baay'ee booddee Qaayen wanta lafa irraa galfate irraa Waaqayyoof kennaa dhiyeesse.

Abeelis immoo hoolota isaa keessaa warra dura dhalatan qale cooma isaanii aarsa dhiyeesse. Waaqayyo gara Abeelii fi gara qalma isaa faara tolaadhaan ilaale.

Gara Qaayenii fi qalma isaa garuu faara tolaadhaan hin illaalle…"

Garuu tokko (Qaayen) hamaa ture, kan abbaa isaa irraa argame (kan hamaa ta'e), Abeel garuu Waaqayyo duratti qulqulluu ture. Irra deebi'ee, Foon maatii tokkoo kan ta'an ijoollee lama turan. Isaanis Lakkuu Isaaqii fi Ribqaa turan. Tokko Waaqayyoon kan filatame yommuu ta'u inni kuun garuu hamaa dha. Isaan lachuu Waaqayyoon ni Waaqeffatan. Wantoota xixinoo keessatti iyyuu waaqeffannaan ni jira tura.Dhimma hunda keessatti hamaan isa qulqulluu ni jibbas, ni ari'as ture.Garuu hubadhaa. Isaan lachuu Walumaan dhaabaman. Wajjumaanis jiraachaa turan.Isaan lachuu kan Waaqayyooti jechaa,waaqayyoonis waaqeffachaa turan.

Fakkeenyi kun sirriidhumatti mammaaksa Gooftaan Yesuus Kiristoos yommuu Mootummaan Waaqayyoo nama sanyii gaarii facaaseef kan kenname, garuu alagaan dhufee sanyii gaarii sana jidduutti biqilquu dhaabe malee jedhee dubbatetti. Waaqayyo biqilticha sana hin dhaabne. Seexanatu sanyii Waaqayyoo gaarii sana jidduutti biqiltuu sana dhaabe malee.Gosti biqilqtoota (namoota) lamaan, kan sanyi gosa lama irraa argaman sun, walumaan guddatan. Isaan lamaachuu albuuda biyya lafaa qoodatanii guddatan, ifa aduu, rooba fi tajaajiloota biroo hundumaa wajjumaan qoodatanii, lachuu

yeroodhuma isaaniitti sassaabaman. Hubattanii? baroota Amantaa torbanii fi itti aanees waay'ee maxxansaawwanii qo'achaa akkuma deemnuun dhugaa kanneen gonkumaa akka hin irraanfanne. Hunda caala immoo, inni kun bara dhumaa kana keessa ta'uu isaa, yommuu biqiltuuwwan sun qolli isaanii gubatu, qamadiin gooftaa ba'uuf ta'uu isaa gonkumaa hin irraanfatinaa.

Yaada kana adeemsa keenya itti aanu keessatti adeemsisuu waan barbaaduuf sadarkaa tokko itti haa daballu mee. Seenaa haaromsaa qo'attanii beektuu? Amma, haaromsi humna sochii Waaqayyoo agarsiisa. Yeroo hundaa yommuu Waaqayyo socho'u, Seexannis socho'uudhaaf achitti ni argama. Inni gonkumaa hin kufu. Bara haaromsa guddicha Weelshi keessatti(namoonni baay'een isa kana hin beekan), boqattoonni dhibbee sammuu qaban dafanii iddootti guutan,humni Seexanii guddaanis xiyyeeffanoo Waaqayyoo fudhachuudhaaf mul'ate.Bara Weeslii keessatti namoonni gaarummaa fi humna Waaqayyotti kolfuudhaaf wantoota Seexanaa kan ta'an raawwachaa akka turan barreeffamee jira. Bara Lutar keessattis, raajiin tajaajila isaa ga'uumsaan Waldaa Kaatolika Roomaa mormuu irratti kan xiyyeeffate miti ni jedhama, garuu raajichi inni raawwachaa fi gochaa ture warra hafuura dogongoraatiin guutamani fi qajeelfaman gidduutti walsimatee kan turee dha. Akkasumas tajaajila bara dhumaa kana sirriitti hubattanii yoo jiraattan, weerarri hafuuraa hamaa fi dogongoraa walfakkaataa ta'ee adeemsifamaa akka jiru ni hubattu ture. Karaa sanaanis ta'uu qabaata. Isa kana beekuudhaa fi sirriitti xiyyeeffachuudhaaf sammuu hafuuraan guutame ga'aa akka qabdan nan amana.

Dhimma jirma dhugaa fi sobaa kan hojii irra jiran kana walitti makuu fi agarsiisuuf jiru kana maxxansuudhaaf, 1Yohaannis4:1-4 fi Yihudaa 3,4 fi 12 haa ilaallu.

" Obboloota jaallatamo, raajonni sobaa hedduun gara addunyaatti waan baaniif, dubbii geggeessaa hafuuraatiin dubbatame hunda hin amaninaa; kanaa mannaa, dubbiin geggeessaa hafuuraatiin dubbatame Waaqayyo biraa kan dhufe tauu fi dhiisuu isaa beekuuf qoradhaa.Dubbiin geggeessaa hafuuraatiin dubbatame Waaqayyo biraa kan dhufe tauu isaa kanaan ni beektu: Dubbiin geggeessaa hafuuraatiin dubbatamee fi Yesuus Kiristoos fooniin akka dhufe amanee fudhatu hundi Waaqayyo biraa kan dhufe dha.Dubbiin geggeessaa hafuuraatiin dubbatamee fi Yesuusiin amanee hin fudhanne hundi garuu Waaqayyo biraa kan dhufe miti. Kana malees, kun isa akka dhufu dhageessanii fi inni Kiristoosiin mormu sun geggeessaa hafuuraatiin dubbate dha; innis amma iyyuu addunyaa keessa jira.Yaa ijoolle, isin kan Waaqayyoo ti; inni isinii wajjin tokkummaa qabu isa addunyaa wajjin tokkummaa qabu sana waan caaluuf, isin isaaniin mootaniittu."

Yihudaa 3,4,12.

" Obboloota jaallatamo, ani waaee fayyina hundi keenya argannu sanaa isiniif barreessuuf yaalii guddaa kanan godhe taus, amantii isa yeroo hundumaaf akka tautti al tokkicha qulqullootaaf kenname sanaaf jabaattanii akka loltan isin gorsuuf jecha isiniif barreessuun barbaachisaa akka tae natti dhagaame.

Sababiin koo, namoonni murtiin akkanaa akka isaan eeggatu Kitaabota Qulqulluu keessatti yeroo dheeraa dura dubbatame tokko tokko loanii isin gidduu waan galaniifi; namoonni kun hamoota gaarummaa Waaqayyo keenyaatiin qabatanii addaggummaa raawwatani dha; Yesuus Kiristoos isa Gooftaa keenya taee fi kan isaa nu godhates ni ganu.

Namoonni kun, afeerraa jaalala obbolootaaf qabdan argisiisuuf qopheessitan irratti ni ARGAMU. Haa tau malee, isaan dhagoota bishaan keessa dhokatani dha; tiksitoota sodaa malee of soorani dha…"

Haala caafatoota kanaatiin Waldaaleen dhugaa fi Sobaa, sanyii gara garaa ta'uudhaan bakka tokkotti dhaabamanii walitti makamuun isaanii kan dhakatamuu miti.

Kanaan alatti,wanti beekuu isin barbaachisu kan biraa ni jira. Waldaaleen torban Eshiyaa xinnoo keessatti argaman jedhee Yohaannis tarreesse hundi isaanii Waldaalee warra saba Waaqayyoo hin ta'iniiti.InniWaldaa Iyerusaalemitti argamtu kan saboota waaqayyoo baay'inaan of keessaa qabduu fi saboota Waaqayyoo warra hin ta'in muraasa of keessa qabdutti gonkumaa hin haasofne.Sababni isaas Waaqayyo warra saba waaqayyoo ta'an irra gara warra Saba waaqayyoo hin ta'initti waan goreef. Kanaaf Baroonni Waldaalee guutumaan guututti Waaqayyo warra Israa'eloota hin ta'in wajjin, misirroota warra saba waaqayyoo hin ta'in keessa gara ofitti waamachaa ture. Inni kun immoo Baroota Waldaalee fi guutumma warra Saba Waaqayyoo hin ta'in tokko taasisa.

Hojii Ergamoota 13:44-48,

"Sanbata itti aanutti, namoonni magaalattii garri caalaan dubbii Waaqayyoo dhagauuf walitti qabaman.

Yihudoonni garuu, yommuu namoota sana argan hinaaffaadhaan kakaanii wantoota Phaawulos dubbatu mormanii isa arrabsuu jalqaban.

Achiis Phaawulosii fi Barnaabaas ija jabinaan akkana isaaniin jedhan: "Dubbiin Waaqayyoo jalqaba isinitti himamuun isaa barbaachisaa ture. Isin dubbicha fudhachuu diddanii jireenyi bara baraa akka isiniif hin taane ofuma keessanii waan murteessitaniif, kunoo nuti namoota saba Waaqayyoo hin taaneef ni lallabna.

Sababiin isaas Waaqayyo, 'Ani hanga andaara lafaatti fayyina akka labsituu fi namoota saba Waaqayyoo hin taaneef ifa akka taatu si muudeera' jedhee nu ajajeera.

Namoonni saba Waaqayyoo hin taanes yommuu kana dhagaan, guddaa gammadanii dubbii Yihowaatiif ulfina kennuu jalqaban; warri jireenya bara baraa argachuuf kakaumsa sirrii qaban hundis amantoota taan."

Roomaa 11: 1-8,

"Kanaaf ani, 'Waaqayyo saba isaa dhiiseeraa?' jedheen gaafadha. Matumaa! Ani iyyuu nama Israael, sanyii Abrahaam, gosa Benjaamin keessaa kanan dhufe dha.

Waaqayyo saba isaa warra duraan dursee beeke hin dhiisne. Yommuu Eliyaas Waaqayyo duratti Israaeloota himatetti wanta tae ilaalchisee Macaafni Qulqulluun maal akka jedhu hin beektanii?

Yaa Waaqayyo isaan raajota kee ajjeesaniiru, iddoo aarsaa kee diiganiiru, anuma qofatu hafe, kunoo anaanis lubbuu koo balleessuu barbaadaa jiru." Haa tau malee, deebiin Waaqayyo isaaf kenne maal ture? "Ani namoota Baaaliin waaqeffachuuf hin jilbeenfanne 7,000 ofii kootiif hambifadheera." Kanaaf haaluma wal fakkaatuun yeroo ammaattis namoonni gaarummaa guddaadhaan filatamanii hafan jiru.

Filannaan kun gaarummaa guddaadhaan erga taee, hojiidhaan tauun isaa kana booda hafeera jechuu dha; utuu hojiidhaan taee gaarummaa guddaan gaarummaa guddaa tauun isaa ni hafa ture.

Egaa maal jechuu dandeenya ree? Israaeloonni wanta cimsanii barbaadan sana hin arganne; warri filataman garuu argataniiru.

Warri kaan garuu miirri isaanii hadoodeera; kunis akkuma, "Waaqayyo ija arguu hin dandeenyee fi gurra dhagauu hin dandeenye isaaniif kennee hanga guyyaa haraatti hirriba hafuuraa cimaa isaanitti buuse" jedhamee barreeffametti dha."

Roomaa 11:25-29,

"Yaa obbolootaa, akka ilaalcha keessaniitti ogeeyyii akka hin taaneef, isin waaee iccitii qulqulluu kanaa utuu hin beekin akka haftan hin barbaadu: Hanga lakkoofsi namoota saba Waaqayyoo hin taanee guututti garaan Israaeloota tokko tokkoo ni hadoode;

Haala kanaanis Israael hundi ni fayya. Kunis akkuma akkana jedhamee barreeffametti dha: "Fayyisaan Xiyoon keessaa ni baa, ijoolleen Yaaqoobis gocha hamminaa isaanii akka dhiisan ni godha.

Cubbuu isaanii ergan isaaniif dhiisee boodas, isaanii wajjin kakuu kana nan gala.

Dhugaa dha, misiraachichaa wajjin haala wal qabateen, faayidaa keessaniif diinota taaniiru; filannaa Waaqayyoo wajjin haala wal qabateen garuu, abbootii isaaniitiif jecha Waaqayyo biratti jaallatamoo taaniiru.

Sababiin isaas Waaqayyo kennaa isaa fi waamicha isaatti hin gaabbu."

Waldaaleen Torban Asiyaa xinnoo keessatti argaman amaloota tokko tokko yeroo sana keessatti qabaachuudhaan baroota itti aananii dhafan keessa firii bilchaate akka godhatan kan isaan dandeessise godhatanii jiru. Sanyiin bara sana keessatti facaafame bara itti aanee dhufe keessatti sassaabamuudhaaf ga'e jedhee Yesuus akka dubbatetti,

"Eegaa muka jidhaa erga akkas godhanii, muka gogaa immo akkam godhinnu ree laata?"Luqaas 23:31.

Ergicha Bara Waldaa Efeesoonitti Ergame

Mul'ata Yohaannis 2:1-7tti,

"Maleekaa gumii Efesoon keessa jiruuf akkana jedhii barreessi: Inni urjiiwwan torba harka isaa mirgaatti qabatee fi baattuuwwan ibsaa warqii torba gidduu deddeebiu sun

akkana jedha:

Ani hojii kee, dadhabbii kee, jabaattee dhaabachuu kees beeka; akkasumas namoota gadhee callistee ilaaluu akka hin dandeenyee fi warra ergamoota utuu hin tain ergamoota ofiin jedhan qortee ilaaltee sobduu tauu isaanii akka hubatte beeka.

Kana malees jabaattee dhaabachaa jirta; maqaa kootiif jettee rakkina hedduu dandeesseetta, abdiis hin kutanne.

Taus waanan itti si komadhu tokko qaba, jaalala isa jalqaba irratti qabdu sana dhiisteetta.

Kanaaf, eessa irraa akka kufte yaadadhu, yaada kee geddaradhu, akkasumas hojiiwwan jalqaba hojjechaa turte sana hojjedhu. Yoo kana gochuu baatte, ani sitti nan dhufa, yoo yaada geddarachuu baatte baattuu ibsaa kee iddoo isaatii nan fuudha.

Taus wanta si galateeffachiisu tokko qabda: Hojii garee amantii Niqolaawotaa isa ani jibbu atis ni jibbita.

Inni gurra qabu wanta hafuurri gumiiwwanitti dubbatu haa dhagau: Isa injifatuuf muka jireenyaa isa jannata Waaqayyoo keessa jiru irraa akka nyaatu isaaf nan heyyama."

Ergamicha

Ergamtichaan(Ergamaan) gara Waldaa Efeesonniti ergame Phaawulos ture. Inni ergama bara jalqabaa warra saba waaqayyoo hin ta'inif ergame ta'uun isaa kan dhokatamuu miti.Aangoon balbala Warra saba Waaqayyoo hin ta'inii banuun Pheexiroosiif kan kenname ta'us, Phaawulos abbaa fi raajii isaanii akka ta'u kennamee ture. Phaawulos ergamaa fi raajicha warra saba waaqayyoo hin ta'iniiti. Aangoon raajummaa isaa, kan inni mul'ata sagalicha warra saba Waaqayyoo hin ta'iniif guutummaatti itti argate, akka ergamaa abbaa isaaniitti isa mirkaneessise. Isa kana Abbootiin biroo kana Yeruusaalem keessatti argamanis walii galu. Gara warra Galaatiyaa 1:12-19,

"Sababiin isaas, ani misiraachoo kana Yesuus Kiristoos irraa mulataan nan fudhadhe malee, nama irraa hin fudhanne yookiin namni na hin barsiisne.

Ani dur amantii Yihudii keessatti akkamitti akkan jiraadhe, jechuunis gumii Waaqayyoo cimse ariachaa fi balleessuuf dhamaaa akkan ture dhageessaniittu;

Akkasumas aadaa abbootii kootiif hinaaffaa guddaan qaba ture; saba koo keessatti warra hiriyoota koo taan hedduu caalaas amantii Yihudii keessatti baayee guddachaan ture.

Haa tau malee, Waaqayyo inni gadameessa haadha kootii jalqabee addaan na baasee fi karaa gaarummaa isaa isa guddaa na waame sun,

Misiraachoo waaee isaa ibsu sabootaaf lallabuudhaan Ilma isaa karaa koo mulisuun gaarii taee yommuu isatti mulatetti, ani yeruma sana nama tokko wajjin illee hin marianne;

warra ana dura ergamoota taan bira dhaquufis gara Yerusaalemitti ol hin baane; kanaa mannaa gara biyya Arabaan dhaqe; achiis gara Damaasqoottan deebie.

Waggaa sadii boodas Keefa gaafachuuf gara Yerusaalemitti ol baeen isaa wajjin guyyaa 15f achi ture.

Taus Yaaqoob isa obboleessa Gooftaa tae malee, ergamoota kaan keessaa nama tokko illee hin argine."

Galaatiyaa 2:2,

"Kanan ol baes mulata Gooftaan natti argisiiseen ture; achittis misiraachoo ani namoota saba Waaqayyoo hin taane gidduutti lallabaa ture sana isaan duratti dhiheesseera. Taus amma fiigaa kanan jirus tae kanaan dura kanan fiige akkasumaan akka hin taane mirkaneessuuf, namoota iddoo guddaa qaban duratti misiraachoo kana kanan dhiheessee kophaatti ture."

Galaatiyaa 2:6-9,

"Haa tau malee, warra iddoo guddaa akka qabanitti ilaalaman sana ilaalchisee, Waaqayyo bifa namaa ilaalee waan hin loogneef, isaan maal iyyuu yoo taan anaaf jijjiirama hin fidu; isaan waan haaraa anaaf dabalan tokko illee hin qaban.

Faallaa kanaatiin, akkuma misiraachichi warra dhaqna qabataniif Pheexirositti imaanaadhaan kenname, warra dhaqna hin qabanneef imaanaadhaan natti kennamuu isaa yommuu argan,

Inni warra dhaqna qabataniif ergamaa akka tau Pheexirosiif humna kenne, anis namoota saba Waaqayyoo hin taaneef ergamaa akkan tau humna waan naa kenneef,

saan gaarummaa guddaa anaaf kenname yommuu argan, Yaaqoob, Keefaa fi Yohaannis warri utubaatti fakkeeffaman, anaa fi Barnaabaas gara namoota saba Waaqayyoo hin taanee akka dhaqnu, isaan immoo gara warra dhaqna qabatanii akka dhaqan harka isaanii mirgaa nuu kennuudhaan walii galuu isaanii ibsan."

Roomaa 11:13,

"Ammas isin warra saba waaqayyoo hin ta'inittan dubbadha, ani ergamaa warra saba waaqayyoo hin ta'iniif ergamaa akkuma ta'etti ergaas kanaa ol ol kan ta'e nan qaba."

Phaawulos gara naannoo walakkaa jaarraa tokkoffaatti Waldaa Efeesooniin arge. Inni kunis guyyaa Waldaan Efeesoon itti dhaabbatte akka hubannu nu dandeessisee jira;gara naannoo Dh.B 53tti dha.

Amalli tajaajilummaa isaa tajaajiltoota baroota itti aanani dhufan hundaaf hundee ta'ee jira, caalatti immoo tajaajiltoota dhugaa Waaqayyoo ta'an hundaaf furtuu ta'u iyyuu garuu akka Phaawulositti ol fagaate hin jiru. Phaawulos tajaajila ga'aa akaaku sadi qabu kan armaan gaditti tarreeffaman qaba:

Duraan dursee Phaawulos sagalichaaf guutumatti amanamaa ture. Wanta fedhes isa kafalchiisuu sagalicha irraa goree hin beeku. Galaatiyaa 1:8-9,

"Taus, nu keessaa namni tokko yookiin ergamaan Waaqayyoo tokko samii irraa dhufee Wangeela nuti isiniif lallabne irraa adda tae yoo isiniif lallabe inni abaaramaa haa ta'u.

Akkuma kanaan dura dubbanne ammas dabalee nan dubbadha, eenyu illee WangAeela isin fudhattan irraa adda tae yoo isiniif lallabe abaaramaa haa tau.u."

Galaatiyaa 2:11,14,

"Haa tau malee, Pheexiroos gara Anxokiyaa yommuu dhufu dogoggora guddaa hojjetee waan tureef fuulleettan isa morme.

Taus, isaan dhugaa Wangeela wajjin haala wal simuun deddeebiaa akka hin jirre yommuun argu, ani hunduma isaanii duratti Pheexiroos Ati ofii keetii Yihudii taatee akka Yihudiitti utuu hin tain akka namoota saba Waaqayyoo hin taaneetti jiraachaa utuu jirtuu, namoonni saba Waaqayyoo hin taane akka aadaa Yihudootaatti akka jiraatan akkamitti isaan dirqisiisuu dandeessa?" jedheen itti dubbadhe."

Qoronxoos 14:36-37,

"Maarree dubbiin Waaqayyoo isin biraa dhufee? Moo isinuma qofa bira gae?

Namni raajii akka tae yookiin kennaa hafuuraa akka qabu yaadu kam iyyuu, wanti ani isiniif barreessu kun ajaja Gooftaa akka tae amanee fudhachuu qaba."

Akkuma Muuseen warra Israa'eloota Gibxii keessaa yommuu baasuuf ta'u waaqayyo isatti dhufetti Phaawulosis kan qindoome akka hin taanee garuu immoo ajaja hafuuraatiin kan socho'e ta'uu isaa hubadhaa. Caasaan Yeruusaalemii gonkumaa Phaawulosiin hin ergines isa irrattis aangoo ishee hin dabarsine. Waaqayyoo fi Waaqayyoo qofatu ajajichaa fi egicha raawwate. Phaawulos kan namoota utuu hin ta'in kan Waaqayyoo irraayi.

Galaatiyaa 1:1,

"Phaawulos isa namootaan yookiin karaa nama tokkoo utuu hin tain, karaa Yesuus Kiristoosii fi karaa Waaqayyo Abbaa isa Yesuus Kiristoosiin duaa kaaseen ergamaa t a e e"

Galaatiyaa 2:3-5tti,

"Haa tau malee, Tiitoon inni anaa wajjin ture illee inni nama Giriikii yoo tae iyyuu akka dhaqna qabatu hin dirqisiifamne.

Taus, dhimma kana gumii keessatti kan kaase obboloota sobduu, guutummaatti garboota nu godhachuuf jecha bilisummaa tokkummaa Kiristoos Yesuus wajjin qabnuun arganne basaasuuf dhoksaatti loanii galani dha.

nuti garuu dhugaan Wangeelaa isinii wajjin akka jiraatuuf, takka illee tole jennee isaaniif hin bitamne."

Lammaffaan immoo tajaajilli isaa sagalicha dubbatame fi barreeffame irratti humna hafuuraan kan guutame ture.1 Qoronxoos 2:1-5tti,

" Kanaaf yaa obboloota, ani yommuun gara keessan dhufe, iccitii Waaqayyoo isa

qulqulluu dubbii nama ajaaibsiisuun yookiin ogummaadhaan isiniif labsaa hin dhufne.

Ani yommuun isinii wajjin ture Yesuus Kiristoos isa muka irratti fannifame malee wanta kan biraa kamiif iyyuu xiyyeeffannaa akkan hin kennine murteesseen ture.

Ani gara keessan kanan dhufes dadhabbii, sodaa fi hollannaa guddaadhaan ture;

kan ani dubbadhee fi kan ani isiniif lallabes jechoota ogummaa warra nama sossobaniin utuu hin tain, hafuuraa fi humna Waaqayyoo mulisuudhaan ture;

kana kan ani godhes, amantiin keessan ogummaa namootaa irratti utuu hin tain humna Waaqayyoo irratti kan hundaae akka tauufi.

Hojii Ergamootaa 14:8-10tti,

"Lisxiraa keessa namichi miilli isaa naafate tokko taaee ture. Innis erga dhalatee kaasee lamshaaaa waan taeef deemuu hin dandau ture.

Namichi kun yommuu Phaawulos dubbatu dhaggeeffachaa ture. Phaawulosis hubatee isa ilaalee amantii akka qabuu fi fayyuu akka dandau amanuu isaa yommuu argu,

sagalee guddaadhaan, "Kaiitii miilla keetiin dhaabadhu" jedhe. Kanaaf, namichi utaalee kaee adeemuu jalqabe."

Hojii Ergamootaa 20:9-12tti,

"Guyyaa itti aanutti isaan karaa isaanii itti fufanii magaalattiitti yommuu dhihaatan, Pheexiros gara saaatii jaaa kadhachuudhaaf bantii manaa isa diriiraatti ol bae.

Haa tau malee baayee waan beelaeef nyaachuu barbaade. Utuma isaan nyaata isaaf qopheessaa jiraniis akka muguu tae;

samiin banamee wanti akka huccuu guddaan quncee talbaa irraa hojjetame tokko karaa afuriin qabamee yommuu gara lafaatti buu arge;

achi irras akaakuun bineensota lafa irraa miilla afur qaban hundi, uumamawwan garaa isaaniitiin lafa irra loan, akkasumas simbirroonni samii adda addaa hundi jiru turan."

Hojii Ergamootaa 28:7-9,

"Bulchaan odoola sanaa Phubliyoos jedhamu naannoo sanaa lafa qaba ture; innis nu simatee guyyaa sadiif gaarummaadhaan nu keessummeesse.

Yeroo kanatti abbaan Phubliyos dhukkuba dhaqna gubaa fi garaa kaasaatiin qabamee ciisa ture; Phaawulosis gara isaatti seenee isaaf kadhate; harka isaas isa irra kaaee isa fayyise.

Kun erga taee booda, namoonni odoolicha keessa jiraatanii fi dhukkubsatan kaanis gara isaa dhufanii fayyuu jalqaban."

Qoronxos 12:12,

"Dhugaa dubbachuuf mallattoowwan ergamaa tauu koo jabina guddaadhaan, mallattoowwan, dinqiiwwanii fi hojiiwwan aangootiin gidduu keessanitti muliseera."

Sadaffaan, Inni tajaajila Waaqaan kenname isa mirkanaa'e qaba. 2 Qoronxoos 12:11

"Ani gowwaa taeera. Isin gaumsa koo beeksisuu utuu qabdanii, kana waan hin gooneef, akkana akkan tau na dirqisiistaniittu. Sababiin isaas ani homaa yoon tauu baadhe illee, waan tokkoon iyyuu ergamoota keessan warra hunda irra caalan sana irraa gad miti."

Qoronxos 9:2,

"Ani warra kaaniif yoon ergamaa tauu baadhe illee, isiniif ergamaa tauun koo hin shakkisiisu! Sababiin isaas isin chaappaa ani ergamaa Gooftaa tauu koo mirkaneessu dha."

Qoronxos 11:2,

"Ani hinaaffaa Waaqayyootiin isiniif nan hinaafa; sababiin isaas ani abbaa manaa tokko, jechuunis Kiristoosiif akka durba qulqulluutti isin dhiheessuuf dhuunfaatti isin kaadhimadheera"

Hoolota warra Israa'elotaa hin ta'in gara mootummaa waaqayyootti fiduudhaaf Phaawulos sababa ta'ee jira, inni isaan sooruudhaan isaaniifis dhiphachuudhaan akka misirroota warra saba waaqayyoo hin ta'initti firri qulqulluummaa akka fidanii fi Gooftaadhaan akka wal argan isaan qopheessaa turee jira.

Aadaa irratti hundaa'uun yommuu mul'anni mul'anni mul'atutti, Phaawulos durumaan dursee wareegamee ture,garuu immoo haaluma Phaawulos bara tajaajila isa keessatti adeemsisaa tureen Yohaannisis ittuma fuufsisaa turee jira. Mul'atichi kennamuun dura

duuti Phaawulos gonkumaa dhugaa inni ergamaa bara Waldaa Efeesoon ta'uu isaa kan falleessuu miti, ergamoonni baroota hundaa, bara isaan itti dhufanii fi deeman ilaalcha keessa utuu hin galchin waan saboota bara sana keessa jiran tajaajila sagalee waaqayyootiin mirkanaa'etti fayyadamuun dhiibbaa kan geessan isaan waan ta'aniif. Phaawulos nama akkasii ture.

Magaalaa Efeesoon

Efeesoon magaalota gurguddoo Asiyaa keessa jiran keessaa ishee tokkoo dha. Yeruusaalemii fi Anxookiyaatti aantee yeroo hundaa magaalaa Amantaa Kiristaanaa ishee sadaffaa jedhamtee beekkamti. Magaalaa qabeenya gudaan beekkamtus dha. Bulchitoonni ishee Roomaanota Afaan dubbatamu garuu Afaan Giriikiiti. Yohaannis, Pheexiroos, Maariyaam, Andrew fi Filiphoos magaalatti bareeddu kana keessatti awwaalaman jedhanii amanu qorattoonni seera. Phawulos, inni amanataa dhugaa magaalatti kana keessatti arge, waggoota sadihiif qofa tajaajile, garuu yommuu inni waaqeffatoota sana dhiisee deemetti, yeroo hundaa waay'ee isaanii kadhaa fi sammuu isaa keessa hin bahan ture. Ximootiyoos barsiisaa isaa isa duraa ture. 1 Ximootiyoos 1: 1-3,

"Ani Phaawulos abboomi waaqayyoo fayyisaa keenyaa fi Yesuus Kiristoos abdii keenyaan ergamaa Kiristoos Yesuus kanan ta'e.

Gara Ximooteyos isa dhuguma amantiidhaan ilma koo ta'etti caafuu kooti.

Waaqayyo abbaan,Yesuus Kiristoos gooftaan keenyas ayyaana,araara, nagaas siif haa kennu.

Yeroon Maqedooniyaa dhaquuf ka'e akkuma si gorse ture, namoonni tokko tokko barsiisa biraa akka hin barsiifne akka dhoowwituuf mandara Efesoon turuu keen an barbaada."

Maqaan Efesoon jedhu mataan isaa hiika dachaa, 'kan itti xiyyeeffamee' fi 'bilisa ta'e' jedhu qaba. Fedhiin inni guddaan guutummaa Hafuuraatiin bara kana keessatti eegalame, "gadi fageenyaWaaqayyoo ", kan isaan waamicha waaqayyo irratti xiyyeeffatan dhaaba gadi bu'aa ta'e akka kennamuuf taasise.Warri Yesuus Kiristoosiin deeggaranii isa hordofan bara fuulduratti dhufuuf jiru keessatti konkolaataan Waldaa jedhamu "qilee Seexanaa" keessatti akka kufuuf jiru mirkaneessuu eegalan. kana irraa kan ka'es akka fedhan ta'uu fi karaa goruu eegalan. Barri sun duubatti deebi'uu eegale. Jaalala ishee isa jalqabaa dhiistee jirti. Sanyiin xinnoo bara Waldaa Efesoon sana keessatti dhaabamte sun, gaafa tokko hanga sinbirroonni gowwooni samii keessa balali'an damee isaanii keessatti boqatanitti ol ni guddatti. kanaafuu yaada namoota haala hin aarsineen biqiltuun xinnoo sun Heewwaan haara'atti(Waldicha haara'atti) dhufuun irra deebitee Seexanaan ni gowwoomsamte. Barri Waldaa Efeesson gaarummaan Waaqayyo qabu itti himamee turee, garuu yeroo muraasaaf ni moo'atte, booda immoo itti dhiifte, yeroo hin eegamne sanattis Seexanni sanyii badii isaa itti dhaabe.

Amantaan Efesoon inni duraa sun bara Waldaa Tokkoffaa kana bakka bu'uudhaan baroota itti aananii dhifaniifs kan karaa banuu dha.Duraan dursee,gamoon waaqeffannaa Diyaanaa bara dheeraaf ijaarsa irra ture sun qulqulluummaa isaatiin haala callisaa fi hawaata ta'een dhaabbate jira, fakii Diyaa haala namni tokko itti yaaduu danda'uun. Guutumaan guututtis fakiiwwan ishee manneen waaqeffannaa biroo keessatti isheef kaa'aman kaawwaniin adda dha.Salphumatti isheen dubartii boca hin qabne waan taateef boodatti gara muka gogaatti jijjiramtee boca mukaas qabatte. Harki lamaan ishees sibiila Ayranii irraa kan hojjatamee dha. Inni kun immoo bara duraa keessatti hafuurri Kiristoosii hin ta'in jiraachuu isaa agarsiisa. Bara sanatti saboota gidduutti kan bu'ee garuu immoo saboota irratti dhiibbaa fiduu hin dandeenye. Haata'u malee kaayyoon harka lamaan albuuda Ayranii irraa hojjatamani hojii Waaqayyootti seenuun gufachiisuu ture. Garuu dalagaa isaa namni kamiiyyuu kan hubate hin fakkaatu. Guyyaa tokko garuu dalagaan harka lamaanii sun yommuu barsisa ta'utti ni hubatu,barsiifni kunis seera Impaayerichaa ni ta'a.

Seerri mana waaqeffannichaas kanuma kan ibsuu dha. Duraan dursee luboonni jaandaraboota turan.Lunummaan walhoriinsa hin qabne kun warra sagalicha irraa maquuf jedhan namoota gara luba dhala hin qabnetti kakaasa, akkuma warra jaandarabootaatti namoonni waaqayyoon sagalichaan alatti beekan gara lubumma dhala hin qabneetti waan deemaniif. Lmmaffaa irratti immoo Manichi waaqeffannaa of keessaa dubartoota durba ta'anii fi dalagaa manicha waaqeffanna keessatti adeemsisan of

keessaa qaba. Inni kun guyyaa fi ayyaanaa fi haala amantichaa, sirna amantichaa fi dalagaawwan adda addaa bakka akka qabatanii fi ulfinni waaqayyoo mana waaqeffaannaa Isaa keessatti hin mul'atan. Isaaniin olitti luboota gurguddoo ta'an, namoota aangoo Siyaasaa qabani fi dhageetti namoota qaban, waanuma adeemsa irra jiru warra agarsiisanis baay'isanii hin mirkaneessan,haalakanaanwaldaan dhiyeenyumatti bulchiinsa sagantaa fi kaayyoo namaa jala akka bultu dabarfamtee kennamte, kana irraan kan ka'e, "wanti hafuura bqulqulluu" jedhamu gonkumaa kan beekkamuu miti. Hundi isaanii filannoo nwaan hin qabneef caasaa bulchiinsa waldichaaf ajajamanii akka bulan taasifamee jira. Kun maal jechuu dha, garuu guyyaa tokko luboonni bulchiinsa siyaasaatiin,gargaarsa biyyaatiin, sagalichaa fi hafuura sirna amantaatiin,bulchiisa namootaatin jijjiruun qabeenya hammana hin jedhamne qabaachhun gammachuu isaanii darbarsuun, warri harka qalleeyyii sagalee waaqayyootiin tajaajilamuu qaban immoo amma gara hojjatootatti jijjiramanii jiru.

Yesuus, Ergamaa Fi Waldaalee Isaa

Mul'ata Yohaannis 2:1,

"…ergaan kun kan isa harka isaa mirgaatiin urjoota torban qabee,baattuu ibsaa torban gidduu deddeebi'u ti jedhii caafi."

Inni kun Isa himameefii dha.Yesuus Inni sanuma ta'e, gooftaas Kiristoosis dha. Inni kana, Inni tokkichii fi Gooftichi Waaqayyo Olaanaan qofti,Isaan alatti eenyullee kan hin jirre.Inni kana,Fayyisaa kan ta'e, ("…fayyinsi kan Gooftaati,"Yoonaa2:9)baroota torban hunda keessatti gidduu Waldaalee adeemaa kan turee dha.Bara duraa keessatti wanti Inni godhe baroota hafan hunda keessattis ni raawwata.Warra amanan hundaafis, Yesuus Kiristoos kaleessas, har'as borus sanuma. Wanta inni yeroo tokko raawwate, ammas ni raawwata, raawwachuu isaas ittuma fufa.

Amma Yesuus kophaa Isaa Waldoota Isaa gidduutti adeemaa akka jiru ni hubattu. Isa wajjiin eenyullee hin jiru. Dhugumattis Isa wajjiinis jiraachuu hin danda'an Innummaan qofti Fayyuumaa Ishee fiduu waan danda'uu fi dhiiga dhuunfaa Isaatiin waan ishee fayyiseef abbaan qabeenya ishees Isuma. Inni Bulchaa fi Gooftaa isheeti. Isheen ulfina hundaa waan Isaaf kenniteef, Inni immoo ulfina sana eenyuufis hin qoodu. Phaaphasiin biraa Isa wajjiin jiru. Lubni biraas Isa wajjiin hin jiru.Maariyaam,haati qaama biyya lafaa Isaas,wajjiin hin jirtu.Innummaan Abbaa waan ta'eef, dubbate gara Abbaatti hin garagalu. Innummaan waaqayyoo,Hafuura jireenya bara baraa qabu waan ta'eef hafuura qulqulluudhaaf ajaja kennuudhaaf fuula Isaa hin garagalchu,waldaadhaaf lubbuu kan kennu jireenya Isaa waan ta'eef,Isaan alatti immoo jireenyi kamiiyyuu hin jiru. Fayyuun Gooftaadhaan.

Yommus Inni lola Isaa bakka ibibiddaawa ta'etti gaggeessu eenyulle Isa wajjiin hin turre.Kan biraa hin turre, fannifame dhiiga Isaa kan kenne Isa qofaa dha. Inni maddaa fi dhuma amantaa keenyaa ti. Inni Alfaa fi Omeegaa fayyina keenyaati. Nuti kan biraatti utuu hin ta'in Isatti Kaadhimamnee jirra. Nuti kan Waldaati miti.Nuti kan Isaati.Sagaleen Isaa seera bulmaata keenyaati.Sirni amantaa,doogmaan,ulaagaaleen seeraa fi seerri bulmaata biyyaa nurratti faayidaa hin qabu.Eeyye gidduu Waldaaleetti kan adeemaa ture Yesuusi QOFAA dha.Waaqayyo ishee keessa jirutu, gaarummaa Isaa raawwachuuf fedhaa fi ga'uumsa kan qabu.Gonkumaa isa kana hin irraanfatina. Isin waaqayyoo wajjiin wqalitti dhufeenya tokko qofa qabdu, Waaqayyoos isin wajjiin walitti dhufeenya tokko qofa qaba, sunis YESUUS fi YESUUS QOFAA dha.

Asittis Inni urjoota torban harka mirga Isaatiin qabate dhaabbate jira. Harki mirgaa aangoo fi humna Waaqayyoo kan agarsiisuu dha. Faaruu 44:3,

"Isaan billaa isaaniitiin laficha hin qabanne, yookiin irreen isaanii moo'icha hin laanneef,garuu ati waan isaanitti gammaddeef, mirgi kee fi irreen kee, ifni fuula kees kana isaaniif kenne."

Harka mirgaa huma qabu sana keessa urjoota torbatu jira,kunis akka Mul'ata Yohaannis 1:20tti Ergamoota Waldaalee Torbaniti. Inni kunis aangoonii fi humni waaqayyoo baroota hundaa keessatti Ergamoota Isaa duuka kan bu'uu dha. Humna ibiddaawaa fi Hafuura qulqulluudhaan sagalicha wajjiin fuuldura adeemaa turan. Isaan urjoota waan ta'aniif ifa balaqqisiisu. Ifni isaan balaqqisan Ifa Isaati. Ofii Isaaniitiin ifa hin qaban. Ifa ibidda qabsiiftanii fi qaanqee guca bobeessitanii keessa deddeebi'aa. Isaayaas 50:11. Urjooleen kan ba'an yeroo galgalaa'utti.Cubbuun kan gurraacha'u yeroo galgaa'utti dha, hundinuu (addunyaan martinuu) yakkaniiru,ulfinni Waaqayyoos Isaanitti hir'atee jira. Roomaa 3:23.

Ergamoonni torban kun namoonni Waaqayyoon akka beekan kan taasisanii dha.Namni ana simatus isa ani erge simachuu isaati.Yohaannis 13:20. Dubbii fi gochi isaanii aangoo isaa irratti hundaa'aniti. Inni aangoo Waaqummaa Isaa hundaan duuba isaanii ture. Maateyoos 28:18-20.

"Yesuus immoo gara isaanitti dhiyaate, "Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennamee jira.

Egaa dhaqaa maqaa abbaatti fi ilmaatti,kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan saba hundumaa bartoota koo godhaa.

Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa, kunoo ani immoo hamma dhuma baraatti (hanga dhuma baraatti)GUYYAA HUNDUMAA ISIN WAJJIIN NAN JIRA."

KanaafuuisaanisHafuura qulqulluudhaani fi amantaadhaan guutamanii,ibidda Waaqayyootiin keessi isaanii guggubachaa,Sagalee dhugaa harkatti qabatanii,Inni immoo Isaan gargaaruudhaaf duuba Isaanitti dhaabbachaa ture.Mee itti yaada,Amanaan bara kamiiyyuu onnee isaa keessatti booyichi Iisa barbaachisee hin beku, "Oh, bara amantaa isa duraa yommuu ergamoonni dursa ergamanitti jiraachuu utuu danda'ee." Duubatti ilaaluun HIN barbaachisu.Ol ilaalaa!Isayeroo ammaa kana gidduu Waldaaleetti baroota hundaa keessatti adeemaa jiru kana qabadhaa. Isa kaleessa, har'aa fi yeroo hundumaa sanuma ta'e, Isa dhandhamaa fi adeemsa Isaatiin gonkumaa Hin jijjiramne kana qabadhaa. Maqaa Isaatiin bakka lamaa fi sadi ta'ani wal ga'anitti,Inni gidduu Isaanitti ni argama!akka hajaa hin qabnee yookaan immoo akka ergamaa yaadaa waraabuutti gidduu isaanitti dhaabbachuu utuu hin ta'an,eenyumaa fi jireenya Isaa isaaniif ibsuudhaaf-isa kennaa jireenyaa fi tursiisaa jireenya fi Waldaadhaaf kennaa wantoota gaarii hundaati. Haaleluyyaa!

"Inni kan baattuu ibsaa torban gidduu deddeebi'e."Haala ilaalcha caafatootaatiin yommuu ilaalaman jechoonnin sunnin kan,"Kiristoos jireenya keenya akka ta'e"ibsan hiikkaa hammamii kennuu. Dhugummatti immoo Kiristoos jireenyaa Waldaati.Waldaan jireenya biraa hin qabdu. Isaan alatti, isheen akka dhaabbatta amantaa, kilabii fi walitti dhufeenya namootaa gatii hin qabnee dha.Urgooftuu itti afuufanii uffata uffisanis reeffii reeffuma akkuma ta'etti, Waldaanissanuma, hammamiiyyuu sagantaan isheeti fi tattaafiin ishee gaarii ta'us, Kiristoosin alatti isheenis reeffuma. Garuu Isa gidduu isheetti qabaachuudhaan,Inni ishee kakaasuudhaan, sana booda isheen, "qaama Isaa fi guutummaa Isaa" isa dinqisiiftuu ni taati. Sa'adhuma kana keessattis Inni baattuu ibsaa torban bara dhumaa ta'an keessa deeddebi'aa jira. Haaluma bara jalqabaa keessatti deddeebi'een ammas bara dhumaa kana keessati haaluma sanan deddeebi'aa jira. Yesuus Kiristoos, KALEESSA, HAR'AA FI BORUS SANUMA.

"Baattuu ibsaa torban warqee irraa hojjataman." Seera Ba'uu 25:31 keessatti,

"Ati WARQEE QULLAA'AA irraa baattuu ibsaa tolchi,Baattuun ibsichaa Warqee TUMAME irraa haa hojjatamu,miilli isaa, somaan isaa,qolli isaa, xoofoon isaa, daraaraan isaas isuma irraa haa ta'u," jedha.

Waldaan dhugaa Yesuus Kiristoos, misirrichi, WARQEE QULQULLUU fakkaati. Qulqullummaan Ishee, qulqullummaa Isaati.Wantoonni isheen ittiin ibsamtu, wantoota Inni Ulfinaan itti fakkeeffamuu dha. Eenyummaan Ishee Isa keessatti argama. Maalummaa Isaa, Isheen balaqqeessuu qabdi. Wanta Inni qabu, Isheen mul'isuu qabdi. Dogongorrii Ishee keessa hin jiru. Isheen keessaanis alaanis ulfooftuu dha. Jalqabaa hanga dhumaatti Isheen hojii Isaati, hojiin Isaa hundinuu sirrii waan ta'eef. Ishee keessatti qaroomina jireenya bara baraa Waaqayyooti fi kaayyoo Waaqayyootu jira. Namni tokko kana akkamitti qayyabachuu danda'aa? Hubachuu deanda'aa? Kana gochuu baannus garuu, amantaadhaan isa kana ni hubannaa, dubbii Waaqayyoo waan ta'eef.

Garuu baattuu Warqee irraa hojjatame qofa utuu hin ta'in,Warqee TUMAMEE dha. Harka namaatiin Warqee tumame irraa kan hojjatame, haala barreeffama hafuura irratti hundaa'ee kennametti. Gooftaa isheeti fi bulchaa ishee Yesuus Kiristoosin alatti, namoonni akka Misirroota Yesuus Kiristoositti kan tumamee fi ari'ame jiraa? dhugaadhumatti rakkina Yesuus Kiristoos dhiisee deeme isheen guuta jirti. Gaarummaan ishee fudhatamee jira. Jireenyi ishee rakkoo keessa jira.Warra qalaniif isheen akka hoolaattii lakkaa'amtee jirti. Guyyaa guutuu isheen ajjeefamaa jirti. Guddaa miidhamte, miidhaa kana hunda keessatti isheen deebistee hin mines, warri hafanis akka miidhaman sababa hin taane. Misirroonni jaalatamoon Kiristoos Kun wangeelaaf ga'aa dha. Warqeen bifa boca kamiiyyuu qabachuu waan danda'utti, meetiin immoo yommuu tumamu ni caba, Warqeen Waaqayyoo kun yommuu isheen gooftaaf rakkatu, utuu hin sagadin,

utuu hin cabin, utuu hin badin, garuu immoo jireenya kana qorachuudhaan bareedinaa fi gammachuu bara baraatiif kan hojjatamte dha.

Kan Isaa Kan Ta'an Kiristoos Ni galateessa.

Mul'ata Yohaannis 2:2,3,

"Hojiin kee wanta ati itti dadhabdu, obsaan danda'uu kees, namoota hamoota immoo caluma jette akka ati hin dhiifne, warra ergamoota utuu hin ta'in, nuyi ergamoota ofiin jedhan qortee ilaaltee sobduu ta'uu isaanii akka argites ani beeka.

Ati obsaan akka dandeessu maqaa Kootiif jettees akka baattu, kana akka ati hin dadhabin ani beeka."

Fayyisaan ijoollee Isaa yommuu ajajuu fi galateeffatu hamman bareedaa dhaa. Amalaa fi ilaalcha amantaa isaanii xiyyeeffannoo guutuu keessa ni galcha. Gidduu isaanii keessa hanqinni akka jiru ni beeka garuu waayee sana isaanitti hin dubbatu. Inni sun Gooftaa hin fakkaatu? Dhimmoota gaarii irratti haala nu jajjabeessuu fi dhimmoota dogongoraa irratti immoo haala nu adabu Inni ni beeka. Hundi keenya as yommuu sagantaan Waldaa gaggeeffamutti fi maati keenya keessatti barnoota gaarii barachuu qabna.Waaqayyoo tokkoo tokkoo keeyya wajjiin walitti dhufeenya gochuu Isaa keessatti barnoota gaarii barachuu akka qabnu barbaachisaa dha.Qulqullaa'ota Waaqayyoo, gonkumaa abdii hin kutinaa, Waaqayyo dadhabbii jaalalaa keessan kan irraafatu waan hin taaneef. Wanta kamiiyyuu raawwanu,bishaan qabbanaa'aa birciqqoo tokko namaa kennuuniyyuu, Waaqayyoo irraa eebbaa fi deebii qabdi.

"Hojii kee, dadhabii kee fi obsa kees ani beeka."Waldaalee Isaa gidduu akkuma deemu, rakkina sabootaa Isaani beekas ni yaadaafis. Akkuma bara hidhaa Gibxii keessa turetti,booyicha isaanii yommuu dhaga'u,Inni yommiiyyuu kan hin jijjiramne booyicha warra dhiibamanii yommuu dhaga'u gidduu isaanii keessa utuma deemu rakkoo isaanii ni hiika.Jechi dadhabbii jedhu dadhabbii dhiibbaa keessaan dhufu agarsiisa. Saboonni Waaqayyoo dadhabbi jaalalaatin qofa Isaaf hin hojjatan, garuu gammachuudhaan Isaaf rakkina dabarsu.Qambaricha baachuudhaan obsa isaanii agarsiisu. Barri Waldaa inni duraa kun yakkama heddu keessa darbe. Wangeela lallabuudhaa nfi dhugaa ifatti himuudhaaf jabaatanii hojjachuutu isaan irraa eegama ture.Jireenya isaanii keessatti waamicha guddaa kan ture Waaqayyoon tajaajiluu, yommuus jireenya isaanii keessatti wanti abdii isaan kutachiisu isaan mudatu, waan hundaa gara Isa gocha isaan biyya lafaatti Isaaf jecha hojjatan kafaltiin isaa waaqa keessatti akka ta'e kan isaan abdachiisetti ni kennu.

Dhimma kana bakka kanatti dhiifnee gara yaada saboonni Waaqayyoo yeroo hundaa ari'amaa akka turanii fi fulduras yaadni ari'amuu kun itti fufa yaada jedhu irratti haa dubbannu. Macaafni Seera Uumama jalqaba wantoota hundaa akka ta'e ni beektu,wanti achitti eegalame immoo Mul'ata keessatti kan itti fufuu fi yeroo kamiiyyuu kan hin jijjiramnee dha. Seera uumamaa keessatti sababa Abeel Waaqayyoon gammachiiseef Qaa'el isa ajjeessuu isaa ni9 hubanna. Sana boodas ilma foonii Abrahaam kan ta'e Ismaa'el ilmicha waadaa kan ta'e Isaaqitti akka kolfee fi lolaa akka ture as keessatti fakii sirrii ta'e ni argina. Isaa'uun inni Yaaqobiin jibbus achuma jira ture, utuu waaqayyo jidduu seenuu baates ni ajjeessa ture. Yommuus qajeelchi Amantaa duraa amantoota durii barbadeessuuf yaalanitti, Kakuu Haara'a keessatti immoo Yuhudaan Yesuusin dabarsee kennuu isaa ni hubanna.Ijoolleen addunayaa kanaa Seexanaan kan qabaman waan ta'aniif ijoollee Waaqayyoo isaan Hafuuraan guutaman ni jibbu.

Hammamiiyyuu ummata duratti Kiristaanaa sirraa'aa fi dhugaa ta'e fi hiriyyoota isaa birrattis gaarii ta'u, gocha badaa raawwachaa garuu amala gaarii qabaatus, Kiristoosin akka Fayyisaa dhuunfaa isaatti kan kakatuu fi gocha kennaa Hafuura Qulqulluu kan ta'an kan akka Afaan haara'aan dubbachuu, raajii dubbachuu, fayyisuu fi dinqii raawwachuu mirkaneesse, sana booda haa jibbamu. Hafuurri addunyaa kana Hafuura Waaqayyoo ni jibba, Hafuura Waaqayyoo moo'achuu waan hin dandeenyefis qaama Hafuurri Dhugaa itti bulu barbadeessuuf yaalii taasisa.

Yakkamuu fi ari'amuun uumama, jireenya Kiristaanummaa keessatti kan baratamee dha.Waay'ee isaanii wanti gochuu dandeessan wanta tokko qofatu jira. Innis gara Waaqayyootti isaan dabarsaa kennaa, itti hin faradinaa, gocha isaani dhiisaa, murtii dhumaa Isaaf dhiisaa.

"Namoota hamoota immoo caluma jette akka ati hin dhiifne, warra ergamoota utuu hin ta'in, nuyi ergamoota ofiin jedhan qortee ilaaltee sobduu ta'uu isaanii akka argites ani beeka." Warri Ifeesoon kun warri Waaqayyoo quulqullaa'ota ta'uu qabu jedhanii

amanu, Akkaataa caafata kanatti qaamni cubbuudhaan kan hin bukoofne akka hin taane tarkaanfii fudhatanii jiru. Waabiin caalatti akka agarsiisutti diddaan eegalamuu isaati. Cubbuun gara Waldaatti seenee jira. Garuu immoo Phaawulos warra hamoota ta'an gidduu isaanii keessa ari'uu akka qaban yommuus isaanitti himetti ajajamaa ta'anii turan. Isaan namoota adda ba'an turan. Isaan namoota Addunyaa keessaa ba'an waan ta'aniif amma immoo addunyaan gara jidduu isaanii akka hin seenne hin eeyyaman. Waldaa keessatti cubbuu wajjiin walitti hin makaman. Qulqulluummaan isaaniif jecha qofa yookaan immoo dubbi qofa utuu hin ta'in daandii jireenya isaanii ture.

"Warra ergamoota utuu hin ta'in,nuyi ergamoota ofiin jedhan qortee ilaaltee sobduu ta'uu isaanii akka argites ani beeka." Oh, inni kun jecha qara qabuu dha. "warra ergamoota utuu hin ta'in, nuyi ergamoota ofiin jedhan qortee ilaaltee." inni kun amansiisaa mitii? warra ergamoota utuu hin ta'in ofiin nuyi ergamoota jedhanii waaman qoruuf namoonni mirga maalii qabuu?Haala kamiin isaan qoruu? Oh, isa kana heddu jaaladha. Galaatiyaa1:8 keessatti,

"Haata'uu iyyuu malee, ani yookiis ergamaan Waaqa irraa tokko,Wangeela nuyi isa kanaan (dura) isinitti himnetti kan gargar ba'e yoo isinitti hime, abaaramaa haa ta'uu."

Sagalee isa duraa gara namootaatti kan fidan ergamoota turan.Sagalichi innii duraa sun,tuqaan yookiis daashiinis hin jijjiramu. Phaawulos wanta kan isatti dubbate Waaqayyo akka ta'e waan beekeef akkana jedhe, "akkuma ani kanaan dura dubbadhe iyyuu, mul'ata haara'a kan isiniif kennu yoo ta'e ani kan abaarame haa ta'u." Argitanii Mul'anni inni duraa sun sirrii akka ta'e Phaawulos iyyuu ni beeka.Waaqayyoo, mul'ata duraa, itti aansee immoo mul'ata lammataa kennuu hin danda'u. Kana utuu raawwatee, yaada Isaa jijjiraa jira jechuu dha.Mul'ata yeroo tokkotti kennee sana booda immoo itti dabaluu ni danda'a, akkuma Inni dallaa Edan keessatti Dubartii sanaaf sanyii kennuufiif waadee galee, booda immoo sanyichi sun karaa Abrahaamin akka uumamu godhame, kanumatti aane gosa dhiiga tokko kan ta'e karaa Daawitin akka argamu taasise. Ummanni odeeffannoo dabalataa akka argatanii fi qayyabataniif qofa kenneefi turee. Garaa Sagaleen Waaqayyoo yoomiyyuu hin jijjiramu. Sanyichi haaluma ibsameen dhufe. Haaleluyya. Ergamoonni sobaa sunniin maal gochaa akka jiran ilaalaa. Sagalee ofii isaanii qabatanii dhufan. Warri Efeesoonni sagalicha sana Phaawulos dursa akka isaan barsiise ni beeku ture. Fe'amuu harka Phaawulos irraa kan ka'e isaan Hafuura Qulqulluudhaan guutamanii turan. Ergamoota sanneen ija isaanii keessa ilaalanii, "Isin wanta Phaawulos barsiise barsiisaa hin jirtan. Kanaafuu isin soba," jedhaniin.Oh, inni kun lubbuu kootti ibidda qabsiise. Gara sagalichatti deebi'aa, dhugaatti warri ergamoota, raajotaa fi barsiisota qortan isinii miti,SAGALICHATU ISAAN QORATA. Bara kana keessatti raajichi Bara Waldaa Laawudoqiyaa kanaaf dhufuutti jira, isinis inni sun ergamaa Waaqayyoo isa dhugaa yookaan sobaa ta'uu isaa beekuuf jirtu.Eeyyee, ergamaa Waaqayyoo yoo ta'e, AKKUMA WAAQAYYOO PHAAWULOSIIF KENNEETT INNIS SAGALICHUMA SANA KEESSA JIRAATA.SAGALICHA SANA IRRAA YEROO MURAASAAF IYYUU HIN GORU,HIN SOBAMUS.Bara dhumaa sana yeroo raajonni sobaa mul'atanitti, haala soba sana isinitti himan kan hin amanne yoo ta'e hubannaan ilaalaa,ta'uu baannaan ni baddu,garuu yommuu RAAJICHI BARA DHUMAA SUN GARA BAKKAATTI DHUFU,innis raajicha dhugaa sana yoo ta'e, booyichaan, "Gara Sagalichaatti deebi'aa, kana ta'uu baannaanis ni baddu," jedha.Mul'ata yookaan hikkaa addaa kan ijaaru utuu hin ta'in, sagalicha irratti kan hundaa'u ta'a. Ameen, Ameen!

Ergamoonni sobaa kun Yeeyyii sodaachisoo kan Phaawulos waay'ee isaani dubbatee dha. Inni, "Ergan ani deemee booda dhufanii nutis mula'ata ni qabna ni jedhu,garuu kaayyoon isaanii isin gargaaruuf utuu hin ta'in isin balleessuudhaafi," jedhe. Hojii Ergamootaa 20:27-32.

"Anoo fedha Waaqayyoo hundumaa isinitti labsuudhaaf hin seesne.

Of eeggadhaa,karra hoolota Waaqayyoo warra hafuurri qulqulluun akka eegdaniif isin dhaabeefis,eeggadhaa! Waldaa kiristaanaa isa Waaqayyoo dhiiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhate eegaa.

Erga ani deemee immoo warri akka yeeyyi sodaachisoon hoolota karra keessatti kan hin hambifne akka isin gidduu galan ani beeka.

Isinuma keessaa iyyuu namoonni dubbii dhugaa jallisuudhaan amantoota garagalchuun of duuka buusan ni ka'u.

Kanaafis dammaqaa!waggaa sadi halakanii fi guyyaa utuu gargar hin kutin akkan tokkoon tokkoon keessan gorsaa tureyaadadhaa.

Ammas harka Waaqayyoo isa isin jabeessu qulqulloota isaa hundumaagidduudhaas dhaala isinii kennuu danda'utti, dubbii ayyaana isaattis isin nan kennadha."

Yohaannis waay'ee isaanii waan beekuuf 1 Yohaannis 4:1 keessatti,

"…raajonni sobaa heddu dursani gara addunyaatti dhufanii jiru," jedhe.

Hafuurri farra kiristoosii ta'e sun gara Waldaatti seenee faalaa jira,kana kan godhuuf faallaa Sagalichaa ta'uudhaan.Hundi isaatu iddoo kanatti maaliif eegalame.Bara Waldaa ishee duraa keessatti eegalame.Dursanii Sagaalicha waan diduudhaan bakka sagalichaatti Sirnaa fi barsiisa mataa isaanii uuman. Sun farra Kiristoosiiti, Yesuus mataan isaa Saglicha waan ta'eef.Farra Sagalichaa ta'uun, farra Yesuus ta'uu dha. Farra sagalichaa ta'uun, farra Kiristoosii ta'uu dha, sabani isaas Hafuurrichi fi sagalichi TOKKO waan ta'aniif.Farra sagailichaa yoo taatan, farra Kiristoosii ni taatu. BARA WALDAA DURAA KEESSATTI KAN JALQABE YOO TA'E HANGA DHUMAATTI GUDDACHUU QABAATA YOMMUUXUMMURAMUTTI. Baroota hundaa yeroo xummurutti wanti argitan isuma sana. Bara Waldaa Efeesoon keessatti baay'ee xiqqoo ta'ee eegalee baroota hunda keessatti guddachuudhaan hanga farra sagalichaa bira ga'e,sirni farri kiritoosummaa guutumaan guututti tamsa'ee,sagalichi hin faalamin ergamoota sobaa Waldaalee sobaatiin fudhatama dhabsiifame.

Amma waay'ee dhimma irratti dubbachaa jirru kana waan ani guddaa jabeessee dubbadheef ilaalcha dogongoraa qabachuun baay'ee salphaa dha. Farri Sagalichaa fi haruurri farra Kiristoos kun guutumaan guututti fudhatama sagalichaa kan dhabsiise fi macaafa Qulqulluu fudhachuu dhabuun bu'aa diddaa ta'e isinitti fakkaate mul'achuu ni danda'a.Miti Obboloota. DHimmichi sana miti. Mul'ata Yohaannis 22:18,19 keessatti maal jedha,

"Ani kana kanan caafe, nama dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame dhaga'u, of eeggachiisuudhaa fi dhugaa itti ba'uuf nan jedha. Namni dubbi kanatti yoo waa dabale, Waaqayyo adaba isaa irratti dha'icha waay'een isaanii macaafa kana keessatti caafaman isatti dabaluuf jira.

Namni dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame irraa yoo hir'ise immoo, Waaqayyo muka jireenya kennuu fi mandarattii qulqulluu waay'een isaanii macaafa kana keessatti caafaman keessaa qooda isaa hir'isuuf jira."

Inni kun sagalee TOKKO irraa hir'isuun yookaan itti dabaluun iyyuu adabi kana geessisa.Inni kun Dallaa Edan keessatti mala Seexanaa isa duraati.Inni wanta waaqayyo dubbate irratti wanta xinnoo qofa eda'e. Santu raawwate. Inni sunis du'aa fi badii geessise. Efeesoom keessatti immoo waanuma wal fakkaatutu ta'e. Jechi tokko ni dabalame, jechi tokkos ni hir'ifame,farri Sagalichaa, hafuurri farra kiristoosii guddachuu eegale.

Amma isinii galee? Lakkuuwwan lamaan ammas ni jiru. Mukkeen lamaan sun ammas lafuma tokko irratti wal ladda, albuuda walfakkaatu qoodachaa, roobuma tokko irra dhugaa, aduu tokko irraa fayyadamaa guddachaa jiru. Garuu lachuu sanyyii GARAGARAA irraa dhufan. Mukni tokko,akkuma Waaqayyo jaalalaa fi kabajaan kennetti, inni kan Sagalee Waaqayyooti. Mukni inni biraa immoo sanyicha farra Sagalee Waaqayyo kan ta'ee fi bakka fedhetti kan jijjiruu danda'u irraa argame. Akkuma Qaa'el godhetti fi dhumarratti Abeeliin ajjeessetti Sirnaa fi doogmaa mataa isaa Sagalicha dhugaa jiraataatiin bakka buusa. Yaa tika xiqqaa hin sodaatin. Sagalicha wajjiin jiraadhu. Sagalicha sana isinii fi Seexana gidduutti eegaa.Heewwan kana gochuu dhabdee kufte.Yommuus Waldaan sagalicha dhiiftetti, isheeni gara qilee dukkana seexanaatti seente.

"Ati obsaan akka dandeessu maqaa Kootiif jettees akka baattu, kana akka ati hin dadhabin ani beeka." Inni kun caafata lammaffaa keessatti kan himame wajjiin waluma fakkaata. Haata'u iyyuu malee jechoonni hojii, dadhabbinii fi obsa jedhan sagalicha qulqulluu isaaniif kenname eeguu irraa kan argamanii dha. Mormitoota eegaa turan. Phaawulosiif kabaja guddaa turan.Garuu caafaticha kana keessatti ari'amuun, dadhabbiini fi obsi isaanii Maqaa eebbifamaa Yesuusiitiif.

Inni sun guutumatti haarawa akka hin taane ni beektu, alagaan akka lolaatti akka nurratti jigan kan godhu sagalichaa fi Maqaa dha. Sagalichi olaanaan fayyisuu, mallattoowwan,dinqiiwwanii fi agarsiisa biroo keessatti agarsiifame,Warri Faarisoota du'a hordoftoota dhugaatiif akka boo'an sababa kan ta'e. Garuu amma Maqaan sun, Warra Israa'elota hin ta'iniin jibbame, namoota aadaatiinis itti kolfamuudhaan, namni kamiiyyuu Isa du'e ka'e amma immoo bakka waaqatti taa'aa kan jiruun kan amanu

hundi gowwaa godhamee ilaalamuudhaan. Kanaafuu yeroo sanatti warri ari'an hordoftoota amantaa kan ta'an,Warra Israa'elota,Yesuus kana abaaruudhaan, isa isaaniif Masihicha sobaa kan ta'e kana, namoonni biroo immoo Maqaa waaqolii haarawa kan ta'e kanatti, isaaniif gonkumaa Waaqa kan tanee kanatti ni kolfu.

Wanti haarofti biraa bara sana keessatti eegalamee baroota itti aananii dhufan hunda keessatti gadi fagaachaa fi dukkanaa'aa kan itti fufaa dhufe jira. Inni sunis, namoonni Maqaa sana ofitti hin fudhanne. Waldicha dhugaa Ifeesoon hin turee kana kana gochaa ture. Miti kabajamoo. Abbooti sobaa warra ta'an turan kan kana godhan.Hordoftoota dhugaa utuu hin ta'in gara Waldichaatti seenuuf yaaluudhaan hordoftoota sirrii faaluudhaaf yaalanii dha. Warri Ifeessoon Maqicha sana waan beekaniif ni jaallatu ture. Madda waldicha Ifeesoon sana ni yaadatu. Tuuta namoota muraasaa warra ta'an kan dhufaati Masihichaa eeggachuutti turan raajicha ofii isaatiin dhufaatii Masihichaa dubbachuuf gammoojjii Filisxeemotaa keessatti argamee namoota cubbuu garaa isaanii dubbatan cuuphu sana dhaga'an. Isaan kun, warra cuuphaa Yohaannis raawwatanii dha. Garuu Phaawulos gara isaanitti dhufee raajichi du'uu isaatiu fi Yesuus immoo dhufee lubbuu Isaa akka wareega cubbuutti kennee jira,AMMA immoo Hafuurri Qulqulluun hordoftoota dhugaa Yesuus, Masihichatti amanan guutuudhaaf dhufee jira jedheen. Isa kana yommuudhagan, ISAAN MAQAA GOOFTAA YESUUSITTI CUUPHAMAN, Phaawulos harka isaa isaan irratti fe'u, hundi isaanii Hafuura Qulqulluudhaan guutaman. Sagalicha kabajuun, Maqaa Isaatti(Gooftaa Yesuus Kiristoositti) cuuphamuun maal akka ta'e fi haala sanaanis Hafuura Qulquulluudhaan akka guuratam ni beeku ture.Namoota saneen akka jijjiraman gochuu hin dandeessan.Isaan dhugicha ni beeku. Hojii Ergamootaa 19:1-7tti.

Yihuudonni asii fi achi deemanii hafuurota hamoota baasanis turan, isaan immoo namoota hafuurota hamoota qabannitti Maqaa Gooftaa Yesuus itti waamuu yaalan, Hafuurota sanaanis , "Maqaa Yesuus isa Phaawulos lallabuutiin Abboomamaa!" jedhan.

Ilmaan Iskoyaas, angafa luboota warra Yihuudotaa torbanuu kana gochaa turan.

Hafuurri hamaan garuu deebisee, "Yesuusin beeka, Phaawulosiinis bareera, isin garuu eenyu fa'i?" jedhee gaafate.

Namichi hafuurri hamaan keessa tures isaanitti utaale humna isaan caalee uffata irratti cire, jarris mammadaa'anii qullaa isaanii haraka ba'anii mana sanaa baqatan.

Kunis Yihuudotaa fi Giriikota Ifeeson jiraatan biratti ni beekame. Kana irratti isaan baay'ee gaddan, maqaa Gooftaa Yesuus garuu Ulfina Guddaa argate."

Humna Maqicha sanaa ni beeku.Maqichi sun humna guddaa akka qabu,maratiin Phaawulos irraa mulqame Maqaa Yesuusiin yommuu gara namoota dhibeewwan gara garaatiin rakkatanitti ergaman namoonni dhibeewwan isaanii irraa bilisa yeroo ba'anii fi hafuuronni hamaan namoota irraa yommuus ba'u arganii jiru.Kanaafuu Yihuudonnis Bakka Ifeesonitti asii fri achi fiiganii hafuurota hamoota baasuuf yaalanii turan. Hojii ergamootaa 19:11-17,

"Waaqayyo dinqii takkaa hin beekamin harka Phaawulosiin ni raawwata ture.

Kanaafis erbeen inni dafqa isaa ittiin haxaa'u yookis marati isaa warra dhukkubsatanitti yommuu geeffamu,dhukkubni isaanii isaan ni dhiisa,hafuuronni hamoonis keessaa ni ba'u turan.

Maqaa sana qabachuudhaan jireenya qulqulluummaa jiruu fi anami kamiiyyuu Maqaa Gooftaa Yesuus yoo waame cubbuu irraa akka adda bahu ni beeku.Isin warra qaama Gooftaa qabattan qulqullaa'ota. Maqaa Waaqayyo keessanii fooniin qofa hin qabatinaa. Warri Ifeeson sun KIRISTAANOTA turan. Maqicha ni waamu, Maqaan isaan waamanis Kirsitoos,Isa Hafuuricha Kiristoos isaan wajjiin jiruu, Isa maqaalee sadan Gooftaa keessa Tokko kan ta'e waamu.

"… maqaa Kootiif jettees akka baattu, kana akka ati hin dadhabin ani beeka." dadhabbiin hordoftootaa kun Phaawulosiif yookaan dhaabbata Amantaatiif hin turre. Sagantaalee gatii qabeeyyii kan isaan ijaarran irratii hin hundoofne ture. Gooftaadhaaf dadhaban. Isaan tajaajiltoota Isaa turan malee dhaabbilee biroo jala warra bulan hin turre. Guyyaa sanbataa gara Waldaa dhaquudhaan waay'ee Maqicha sanaa haasawanii guyyoota hafan keessatti immoo maqaa isaa hin irraanfatan. Afaan isaaniitin qofa hin turre Maqicha kana kan tajaajilan. miti kabajamoo, Inni sun jireenya isaanii ture.

Wanti isaan hojjatan hundi maqaa kanaan hojjatu.Gochi isaanii hundi Maqicha sana keessatti, garuu Maqicha sana keessatti raawwaqchuu baannan, gocha sana irraa ni qusatu. Warri kun Kiristaanota iddoo Waaqaa qabanii fi amalli isaaniis Gooftaadhaan kan

ta'ee dha.

Garuu gareewwan jirma sobaa kan Maqicha sana xureessuuf uffata Yeeyyi uffatanii dukkana kreessati fannifama, gara keessatti seenuudhaan boochisuuf barbaadan. Garuu qulqullaa'onni qormaaticha darbuudhaan, Sagalichaa fi Maqicha eegaa turan.

Himannaa Waaqayyo.

Mul'ata Yohaannis 2:4,

"Garuu jaalala isa dur qabda turte sana dhiisuu kee sirratti argadheera."

Isa kana sirritti qayyabachuudhaaf Hafuurichi warra qulqullaa'ota Ifeesoon durii qofaaf dubbachaa akka hin jirree hubachuu qabdu. Ergaan kun baroota hundaa kan waggoota 120 jiraatan hundaaf dha. Ergichi, dhaloota bara amantaa sana keessa turan hundaaf ture. Amma immoo seenaan irra deebi'ee ni dhufa.Dhaloota Israa'elootaa keessatti,kan itti aanu keessatti dhaamuu ibidichaa arguudhaan, dhaloota tokko keessatti haaromsamuu ni argina. Dhaloota sadaffaa keessatti garuu hoo'i ibiddichaa suutumaan itti fufa, haa ta'u malee bara dhaloota sadaffaatti ho'i ibiddicha durii sun hambaan isaatu hin argamu. Sana booda Waaqayyo ibidda irra deebi'ee ni qabsiisa, adeemsi wal fakkaataanis ni gaggeeffama. Salphumatti Waaqayyo ijoollee akaakayyuu waan hin qabneef ibsamuu dhugaa qofa ta'a.Fayyummaan dhalootaan ni dhaalama jedhanii Abbootiin kan hin keessatti dhugaan hin jiru.Inni kun Sagalicha keessa hin jiru. Hordoftoota dhugaa irra deebi'anii dhalatan wajjiin eegaltanii, dhaloonni itti aanan yommuu dhufan Kiristaanota qulqulluu hin ta'an, Maqaa dhaabbilee Amantaa fudhatanii amma kunoo, Cuuphitoota fi Meetodistoota dha. Inni sun sirriidhumatti maalummaa isaaniiti. Isaan Kirsitaanota miti. Fedha Waaqayyootiin warra dhalattan ta'uu qabdu malee fayyummaa argachuudhaaf fedha namaatiin dhalachuu hin qabaattan. Tikni kunniin garuu hundi isaanii fedha dhala namaatiin kan argamanii dha. Gariin isaanii Waaqayyo wajjiin hin jiran hin jenne. daqiiqaa tokkoof iyyu isa san hin dubbadhu, garuu immoo ibiddi inni duraa du'eeti jira. Ammaa achi isaan wal hin fakkaatan.

Waaqayyoon gammachiisuuf fedhiin guddaan, kaayyoon sagalicha Isaa beekuu, booyichi hafuuraan ta'anii gara warra birootti ga'uu, wanti hundinuu dhiifamaa bakka Waldaan ibidda Waaqayyootiin qaqqabamuu irra qabbanaa'a ta'e wanta baratame ta'e. Warra Ifeesonitti wanti raawwatamaa tures sanuma. Isaanis kan barataman ta'aa turanii jiru. Namoonni Waaqayyoon barbaadan hedduun isaanii utuu diida sanatti du'aa jiranii namoonni immo Waaqayyoo isaannitti hime eeguu diduudhaan waan namoonni isaan barsiisan eeguu eegalan. Dhaloonni inni lammaffaan dhufaa ture akkuma Israa'eloota ture. Akkuma biyyoota biroota mootii isaan bulchu isaan barbaachise. Yommuu mooticha argatanis, Waaqayyoon dhiisan. Haaluma fedhaniin raawwachuu eegalan. Inni sun seenaa Waldaalee ti. Sagalicha wajjiin walitti dhiyaachuu irra Addunyaa wajjiin walitti dhufeenya uumuu yeroo yaadan, battaluma sanatti wantoota kanaan dura raawwachaa turan raawwachuu dhiisanii,wantoota isaan jalqaba gochaa hin turre gochuu eegalan. Haala uffanna isaanii, amalaa fi adeemsa isaanii jijjiran. Of lakkisan. "Ifeeson" jechuun kana: Of lakkisaa jechuu dha.

Adeemsi haaromsaa fi du'aa sun gonkumaa hin kufne. Wanti gochuu qabaattan yoo jiraate sochii Waaqayyoo isa dhumaa kana , yeroo dhiirtii fi dubartiin akka Kiristaanotaatti uffachuudhaan gara Waldaatti dhaqani halkan guutuu kadhataa bulani fi haafura murka'ee sana qabatanii gara daandiiwwaniitti yommuu ba'an akka hin saalfanne yaadadha. Waldaa du'aa isaanii durii irraanfachuudhaan mana isaanii keessatti yookaan immoo manneen moofa miini keessa kaa'amu keessatti waaqeffachaa turan. Dhugaa ni qabu ture. Garuu qarshii argatanii Waldaa haarawa ijaarrachuudhaaf yeroo itti hin fudhanne ture. Ofii isaaniitiin Waaqayyooti faarfachuu irra faarfitoota kaa'an. Kuuyarii isaanii gaawonii uffisan. Waltajjii qindeessanii namaan adeemsisan. Dhiyeenyummatti macaafota dubbifamuuf hin taanee dubbisuu eegalan. Balbala isaanii cufanii re'eewwan akka itti seenan taasisan.Gammachuudhaaf booyichi boo'aa turan amma hin jiru. Bilisummaan hafuurichaa hin jiru ture. Haaluam sanaan itti fuufan, garuu ibbiddichi dhaamee daaraa gurraacha qofatu hafe.

Waaqayyoon jaalachuun maal akka ta'e Yohaannis ibsuu isaa daqiiqaa muraasa dura ibsee ture. Abbaan guddaan jaalalaa sun yommuu Waldaan jaalala Waaqayyoo duraa isaanii dhiisuu eegalan dhugumatti ni arga. 1 Yohaannis 5:3 keessatti,

"Waaqayyoon jaalachuu jechuunis abboota isaa eeguu dha,Abboommonni isaa immoo ba'aa ba'aa ulfaatoo miti,(sagalicha Isaa)" jedha.

Sagalicha sana irraa hamma xinnoo goruun Kiristoos irraa fagaachuu dha. Namoonni

Waaqayyoon ni jaalanna jedhu, gara Waldaas ni dhaqu, iyya guddaas ni dhageessisu, faarfannaadhaanis yeroo gaarii ni dabarsu. Garuu wanti sun hunduu raawwatamutti, SAGALICHA sana keessa ta'anii, ittiin jraachuu isaanii hubadhaa. Wantoota biroo hunda raawwatanii. garuu immoo Sagalicha sana keessa jiraachuu baannan,wanti jechuu danda'an Waaqayyoon ni jaalanna, garuu immoo jireenyi isaanii oduu biraa haasawa. Yohaannis du'a isaatiin dura waan baay'ee arguu yoo baatee kan na dinqisiisuudha, namooni Sagalee Waaqayyo ni jaalanna jechaa sagalicha Isaatiif immoo hin ajajaman. Oh, Waldaa Ifeesoon, wanti wayii si irratti raawwatamaa jira.Namni wayii sagalicha sana irratti waa eda'uuf yookaan irraa hir'isuuf jira. Garuu wanta kana yommuu raawwatan haala isin arguu hin dandeenyen isin sobuudhaan. Yeroo jalqabaatti akka isin ilaaluu dandeessanitti sochii guudaa isaan hin adeemsifne.Wanta dhokate waan tureef haala sababa qabuunii fi qayyabanoo dhala namaatii fidan ta'uudhaan isin diduu baannan wanta hundaa ni qabata, Utuu isinitti hin barfatin gara warra Pheenxeqosxeetti dhaqaa!

Garuu akkuma kanaan duraa namoonni akeekkachiisa Waaqayyoo hin sodaatan. Ibiddi haaromsaa kan Sgalicha qulqulluu irratti hundeeffame heddu gaariidha, mirkanaa'ina Hafuurichaatinis kan eebbifamee dha, sodaan xinnoon sun garuu suutaan gara Onnetti riphxee seenuudhaan, "dhugaa harka keenya jiru kana haala kamiin eegnaa?Haaromsa adeemsifamaa jiruu ilaaluudhaaf maal gochuu qabnaa?" jetti, Yeroon sun yeroo, "Hafuurri Farra Kiristoos" gara keessaa seenee suutaan, "Ilaala, amma dhugaa ni qabdu, dhugaan sun immoo hin badu.Gurmaayaati sirna Amantaa keessanii hundeessa.Hunda Isaa baafata Waldichaa keessa kaa'aa," jedha. Isaanis ni raawwatan. Ni gurmaa'an. Sagalicha irratti waa dabalan. Akkuma Heewan sagalee dharaa tokko dhageessee duutetti,isaanis ni du'an.Jireenya kan kennu Sagalee Waaqayyooti. Waay'ee sagalicha wanta nuti jenne utuu hin ta'in faayidaa kan qabu, waay'ee sagalee Isaa wanta Waaqayyo jedhetu faayidaa qaba.

Akeekkachiisicha Waaqayyo.

Mul'ata Yohaannis 2:5,

"Ammas maal irraa akka kufte yaadadhu! yaada garaa kee geeddaradhu,hoji isa dura hojjatte sanas hojjadhu, kana gochuu yoo dhabbatte garuu ,ani sitti dhufee baattu ibsaa kee iddoo isaati nan buta."

Waaqayyo isaan YAADACHIISUUDHAAF itti hime. Wanti wayii sammuu isaanii keessaa akka bahe wanti mirkaneessu jira. Isaan wanta wayii irraaffatanii jiru. Gara sammuu isaanitti deebi'anii madda isaanii akka beekan isaanitti hime.Maddi bara jalqabaa Pheenxeqosxee ture. Isaan isa irraa maqanii jiru.Isaan ulfinaa fi dinqii isaa irraaffatanii jiru. Yeroo kan gara sammuutti deebi'anii fi itti aanee immoo gara dhugaatti kan deebi'anii dha. Duubatti yeroo isaan, "Jiraachuu Kootiif Kiristoosii dha," jechuu danda'anitti. Gara Yeroo durii yommuu Anaaniyaani fi Saaphiraan isaan wajjiin turanitti. Duubatti gara balbala bareedaa sanatti.Oh, Waaqayyoo irraa maqanii gochoota maqaa Isaa xurreesuun hamman xuraayaa dhaa.Warri Maqaa Isaa waaman cubbuu irraa kan adda bahanii qaama isaanii Waaqayyoof qulqulleessanii haa qabatan. Yeroo darbee onnee, sammuu fi jireenya keessaniin maal akka fakkachaa turtan yaadadhaa. Sana booda isatti deebi'aa.

Daandiin itiin deebi'an maalii dhaa? Daandichi daandii cubbuu garaa himannaati. Cubbamaan karaa cubbuu garaa isaa himachuutii gara Waaqayyootti kan dhufu yoo ta'e, sana booda qabbanaa'onni yookaan warri duubatti deebi'an baay'isani cubbuu garaa isaanii ni himachaa gara Waaqayyootti ni deebi'u.Isa kana jireenya keessaniin mirkaneessaa. "Cubbuu garaa keessanii yoo hin himatin", Waaqayyo, "Baattuu ibsaa keessan iddoo sanaa ni buta", jedhee jira. Waldaan haala sana keessa jirti addunyaadhaaf ifa kennuu hin dandeessu. Ibsi ishee dhaamsameera. Sana booda Waaqayyo ergamoota fi ergamoota amanamtoota Isaa irraa fuudhe kophaa isaanitti ni dhiisa, waay'ee Kiristaanummaa haasawaa garuu faayidaa utuu irraa hin argatin itti fufuu.

Daddafaa Cubbuu garaa Keessanii himadhaa!Duubatti hin jadhinaa!Warra Ifeesoon turtiin jireenya isaanii xinnoo waan tureef duubatti jedhanii turan. Yeroo sana irraa eegalee Ulfinni Waaqayyoo hir'achaa dhufuu eegale.Magaalattiin gara hambaatti geeddaramuuf yeroo itti hin fudhanne ture. Manni Qulqullummaa ulfina qabu sun gara boca dhabbeessatti deebi'e. Iddoon sun bakka bishaaniin guutame ta'e, warra hin amanin iddoo xuraa'aa jiraatanin muraasaan alatti namoonni baay'een baqatanii turan. Kiristaanni hafe TOKKO iyyuu hin turre.Baattuun bakka isaati ka'ee jira.

Amma Kana jechuun cubbuu garaa ishee himachuu hin dandeessu jechuu miti. Nutis cubbuu garaa keenyaa geeddarachuu hin dandeenyu jechuu miti. Ni dandeenya. Garuu daddafiidhaan ta'uu qabaata. Onnee dhugaadhaan Waaqayyotti boo'u yoo ta'e Waaqayyo bakkatti ni deebisa. Ulfinni deebi'ee ni dhufa.

Sanyicha Niqolaawotaa

Mul'ata Yohaannis 2:6,

"Utuma ta'uu iyyuu immoo waan tokko qabda, inni immoo hojii Niqolaawotaaisa ani jibbu atis ni jibbita."

Eenyummaa warra Niqolaatawa irratti yaadonni lama ni jiru. Isaan garee namoota amantaa isaanii ddhiisan kan ta'anii fi Niqolaas lammi Anxooqiyaa kan ta'e isaanitti lallabee fi booda irratti immoo Yeruusalemitti Daaqonota torban keessaa tokko kan ta'een kan hundeeffamnii dha jedhamee namoota tokko tokkoon ni himama. Sooranni isaanii raasaa kan ta'ee fi gochi isaaniis baay'inaan fedha foonii guutuu irratti dha.Miira fedhii beekuudhaaf namni tokko duraan dursee wanta hundaa waay'ee dhimma nsanaa beekuu qaba jedhanii yaadu. Namni tokko fedha isaa guutuudhaaf duraan dursee waay'ee wanta sanaa guutumatti beekuu qaba jedhanii yaadu ture. Uumamaan badii sanaaf daandii waan bananiif mucucaachuun isaanii dhugaa ta'uu danda'ee ture. Kanaafuu badii akkasii sana fakkeessuudhaaf maqaawwan Baalamii fi Elzaabel jedhaman kan Kakuu Moofaa lamaan sana itti moggaasani turan. Baalaam namoota waan sobeef, isaan bulchuu danda'ee ture,Niqolaanis kanuma raawwachaa ture jedhamee ni himama. Namoonni kunniin Ifeesoon keressaa ari'uun waan barbaachiseef ari'amanii, bakka Pergaamos jedhamtu keessatti hundee isaanii godhatan.

Garuu rakkoon isaa amantichi dhugaa hin turre. guutumaan guututti waay'ee isaa seenaan barraayes hin jiru. Aadaa irratti kan hindaa'e dha. Ilaalcha akkasii fudhachuun Bara Amantaa Ifeeson guutumatti seenaa irratti kan hundaa'ee fi waay'ee bara kanaa raga kan hin qabne isa taasisa. Waan wanti Waldaalee durii keessatti eegalamee hundinuu baroota hundaa keessatti itti fufee dhuma irratti hanga Waaqayyoo eebbisuu fi yookaan immoo akka wanta qulqulluu hin taaneetti galaana ibiddaa keessatti gatamutti raawwatama waan ta'eef, inni kun dhugaa miti. Aadaan kun immoo sagalee Waaqayyootiin kan faalla'uu fi salphumatti Mula'ataYohaannis 2:2 keessatti qayyabadhaa,Waldichi Ifeeson Sobdoota TOKKO ILLEE hin mul'isuu hin dandeenye ture. Kanaafuu warra sobdoota ta'an qoranii baasaa turan, utuu kana gochuu didanii warra hamoota of keessaa hin qaban jedhanii himuun gaarii hin ta'u ture. Utuu of keessaa baasuu didanii, wajjumaan jiru jechuu ta'a ture. Caafata jahaffaa keessatti hojii isaanii jibbaa turan jedha. Kanaafuu gareen Niqoolaatawaa kun hojii isaanii hojjachaa qoodaa bara amantaa jalqabaa ni qabu ture. Hojichi isaanii jibbamaa ture, garuu ummata humna dhabsiisuu hin dandeenye ture. Kanaaf Ifeesoon keessatti sanyii deemee deemee booda irratti Barsiisa ta'u fi itti fufee gara galaana ibiddattii ni seena.

Warri Niqolaatawaa kun maalii dhaa? jechichi jechoota Giriikii lama irraa kan dhufee dha.Niqaa'oo, kunis bulchuu yookaan bituu fi Laatawaa jechuun immoo ummata yookaan bitamtoota jechuu dha. Dhugaa diriiraa ta'eenis namni wayii Waldaa bara durii sana keessatti hojii Waaqeffattoota bulchuu hojachaa turee jira. Waaqeffattoonni bitamaa kan jiraatan too ta'e, namni "aangoo" qabu tokko ni jira ture jedhuu dha.

Wanti Waldaa sana keesatti raawwatamaa turee fi kan Waaqayyos kan jibbe maal turee? Wanti yeroo sana raawwatamaa turee fi yeroo ammaas itti fufaa kan jirus, sirriidhumatti hiikkaa Niqolaatawummaati. Namoonni haala tokkoon guutummatti wanta faallaa Sagalee Waaqayyoo ta'eef bitamaa turanii jiru.

Amma hiikkaa dhugaa dhimma itti seenaa jirruu beekuudhaaf,yeroo hundaa sammuu keessan keessatti amantaan(dhimmoonni hafuuraa yoo barbaaddan),gosoota lama kan walkeessa makaman garuu immoo akka gurraachaa fi adii faallaa ta'uu isaanii akka beektan isin akeekkachiisuu nan barbaada.Amantaani fi Addunyaan Hafuuraa biqiltoota lamaan Dallaa Edan keessaa hiddoota qaban irraa hojjataman.Biqiltuun Jireenyaa fi Biqiltuun BeekkumsaGaarii fi Hamaa lamaanuu dallicha gidduutti waan dhaabbatanmiif dameen isaanii immoo wal keessa xaxamuun isaa kan mamsiisuu miti. Kanaafuu Bara Waldaa Ifeesoon keessattis ilaalcha wal fakkaataatu ta'e. Waldichi wanta Gaarii fi Hamaa irraa uumame. Jirmoonni lanaan Waldicha uuman. Lachuu akkuma qamadii fi aramaati, lachuu waluma laddatti guddatan. Garuu inni tokko DHUGAA, inni biraa immoo SOBA. Amma Waaqayyoo Tokko tokkoof ni dubbata,waa'ee tokkoo tokkootis ni dubbata. Waldaa jedhees isaan ni waama.Warra filatamn qofatu Hafuurri dhugaa kam akka ta'e

beekuu danda'a. Warra filatamtoota ta'an qofatu sobamuu hin dandeenye. Maatewoos 24:24,

"Masiihonni sobaatii fi raajonni sobaa ka'anii yoo danda'ame warra Waaqayyoof foo'aman iyyuu akka wallaalchisaniif milikkita gurguddaa fi dinqii baay'ee ni agarsiisu.

Kanaafuu daandii duubaa Waldaalee durii keessatti (guyyaa shantamaffaa booda yeroo muraasaa keessatti) jirmichi sobaa isa jirma dhugaa keessatti waan of makeef hojii Niqolaatawa kana achi keessatti arguu dandeenyee jirra. Hafuurri sunnis hanga Waaqayyo guutumaan guututti balleessuutti jirmicha dhugaa yeroo hundaa akkuma loleen ni jiraata. Amma isinii galee?

Gaarii dha. Amma haalli Qilleensaa Waldicha sanaa maal turee? Jaalala isa duraa dhiisee jira. Jaalala Sagalee Waaqayyoo isa jalqabaa isaa dhiisuun nuuf akka jaalala isa jalqaba isa Guyyaa Shantamaatti sana irraa kufetti nuuf ibsamee jira. Ingiliffaa ifaa ta'een, sana jechuun Waldichi sun qajeelacha Hafuura Qulqulluu fi Hafuurrichaan ajajamuu irraa fudhatamuu ishee agarsiisa. Inni kun sirriidhumatti Muuseen erga warra Israa'elootaa Biyya Gibxii keessaa akka bahan godheen booda kan raawwatamee dha. Karaan Waaqayyo dummeessa ibiddaatiin,ibsa raajummaatiin,raajii fi dinqiini fi dinqii Waaqayyoon kennamuun isaan baasuu ture.Inni kunis raawwatamuu kan irraa eeggamu, 'warra Waaqayyoon filataman', fi 'warra Waaqayyoo muudeen' fi 'warra Waaqayyoon qabaman' fi 'warra Waaqayyoon ergamaniin' ta'e gareen guutuun immoo sochii Hafuura Qulqulluutiin kan gaggeeffamuu dha. Isaan garuu tuuta seerotaa fi sirna itti deemuu barbaadan baafachuudhaaf mormii godhan. Sana booda Mootii barbaadan. Itti aanee guutumaan guututti akka Addunyaa ta'uu fi guutumatti gara amantaa isaanii dhiisuu fi irraaffachuutti seenan. Inni sun sirriidhumattIhaala barri Waldaa jalqabaa itti eegalamee fi kunis hamaachaa dhufuudhaan hanga Hafuurri Qulqulluun guutumattii irraaffatamuu fi Waaqayyoo dirqamatti namoota barbadeessuttii ga'e.

Waldaa durii keessatti haala ittii eegalame ilaalaa. Hojii jadhamee waamamaa ture. Itti aanee barsiisa ta'e. Sirna ittiin bulmaataa ta'e. Gara karaa hin dabneetti jijjirame. Dhuma irratti wanta hundaa gonfachuudhaan Waaqayyoon gara laddatti baase. Oh, haalli kun xinnoo ta'ee, callisuudhaani fi haala nama hin miineen eegalame. Baay'ee gaarii fakkaata ture. Miira mishaas qaba fakkaata ture.Sana booda cimsee akkuma bofaatti itti maramee hucuucuudhaan amantaa hafuura Qulqulluu guutuu Waldicha sana keessa ture ajjeese. Oh, jirmi sobaa sun sobduu dha. Inni sun hanga guutummatti isin qabatutti akkuma ergamaa ifaati. Ani amma qajeelummaa irratti nan amana jedhee himuu nan barbaada. Garuu qajeelummaan ani itti amanu qajeelummaa namootaati miti. Qajeelcha Hafuura Qulqulluu karaa Sagalichaatiin dhufuun nan amana. Akkasumas Waaqayyoo namoota kennaa Hafuuraa qaban Waldaadhaaf filachu Isaatis nan amana, namoonni kunniin Waldaa sirnaan bulchu. Kanatti nan amana. Akkasumas Waldaan namoota Waaqayyoo ergeen buluu akka qabdu nan amana. Garuu seerri sun SAGALICHAAN kan raawwatamuu fi namoonni seera kana kan baasan utuu hin ta'an HAFUURA WAAQAYYOOTIIN hojjatamuu dha, Sagalichi fi Hafuurri TOKKO waan ta'aniif. Ibroota 13:7,

"Warra isin gaggeessanii, dubbii Waaqayyoo isinitti himaa turan yaadadhaa;akkamitti akka jiraatan akka du'anis, jireenya isaanii keessa wanta argames ilaalaa, fakkeenya amantii isaanii fudhadhaa duukaa bu'aa."

Garuu duuba sanatti maal raawwatamaa akka ture hubadhaa. Jirmi sobaa sun hunda waan qabeef namootaan buluun sirriidha jedhee barsiisaa turee jira. Waldaan bulchiinsa namootaatiin bitamuu qabdi jedha.Bakka karaa Waaqayyootin dhiisanii, waay'ee ummata dirqamaan bulchuu barsiisu,aangoo hundaa harka ofitti fudhachuudhaan fi humna hafuuraa hunda harka isaanii keessa kaa'uun Qeesummaa qulqulluudhaan jidduu namootaa fi Waaqayyo dhaabbatan.Qajeelummaan duubatti gara sirna Aaroonitti deebi'an. Yaada Isaa dhiisanii kan ofii isaanii waan itti dabalaniif Farra Kiristoosii ta'an. Waaqayyo is asana ni jibbe.Warri Ifeesoonis ni jibban,waaqeffattoonni biroos akkasuma ni jibban.Wanti akkasii sun baroota hundaa keessatti hojii irra akka hin oolle ija dunuuffachuun utuu nurraa eegamu amma garuu yeroo kamuu caalaa hammaatee jira. Inni kun maal ture yoo jettan immoo, dhaabbata amantaati. Inni sun namoota adda foo'e.Saboonni Waaqayyoo tokko ta'uutu irraa eegama.Hafuuricha TOKKOON hundi isaanii gara Qaamichaatti kan cuuphamani,TOKKO TOKKOO isaanii immoo Hafuura Qulqulluudhaan sochu'uu fi TOKKO TOKKOO isaanii Waaqeffannaa Waaqayyoo irratti hirmaachuutu irraa eegama.Garuu namoonni wanta hunda waan bulchaniif,isaanumatu bakka bu'aa ta'a,bulchitoonni Phaaphaasota ta'an, aangoo isaanii irratti hundaa'uudhaan

Sagalee Waaqayyoo gara laddatti kaa'anii yaada sammuu isaanii akka dhaadannootti barsiisan. Ummanni akka isaan kabajuu taasisuudhaan haallii Waaqeffannaa isaanii Waaqeffannaa bara durii Guyyaa Shantamaffaatiin boodaa wajjiin guutumatti hanga wal hin fakkaannetti ga'e. Hojiiwwan kunniin hojjii abboota irraa kan dhaalame ture. Abbooti irraa dhaaluudhaan gara "Miseensummaa Waldaatti" ce'uun eebbaa argachuuttii baay'ee salphaa fi daddafaa ture.Sagalicha gara Sirna amantaatti salphatee ture. Hafuurri farra Kiristoosii Waldaa cunqursee qabuu eegalee.

Isa kana bara kana keessatti ilaalaa mee.Namoonni gariin Hojii Ergamootaa 2:4 keessatti haala isaan itti dubbisan haala kanaan dubbifama, "Yommuus Guyyaashantamaffaatti hundumtu isaanii Hafuura Qulqulluudhaan erga guutamanii booda, lubni tokko dhufee, 'sagalee keessan ol kaasaa dubbadhaa,qixaas irra kaa'ee, ofii isaattii wayiini xinnoo dhugee, 'amma isin Keennaa Hafuura Qulqulluu argattanii jirtu'", jedhe.Amanuufkan dadhabsiisu? Niqolaatawoonni dhimmi dhufaniif kana. Isaan, "Wanta Sagaleen Waaqayyoo jedhuuf hin cinqamina. qayyabachuu ni dandeessu. Isa kana nuti isinii hiikuu qabna.Dabalataanis Macaafni Qulqulluun hin xummuramne. Macaafichi yeroo wajjiin jijjiramuu qabaatas jijjirama jirus nuti isin beeksifna," jedhu. Inni kun sagaleen Waaqayyoo ifaan ifatti bakka wal dhabbiin dhugaa wajjiin jirutti, "dubbiin Waaqayyoo dhugaa dha, dubbiin namaa garuu soba haa'u"jedhuun hammam kan faalla'uu dhaa. Waaqa fi lafti ni darbu,SAGALEEN WAAQAYYOO TOKKO IYYUU GARUU HIN DARBITU. Kanaafu namoonni namoota ittiin buluu hin qabaanneen bulaa turan.Nuti kan Kiristoositti jedhu garuu hojiin isaanii farra Kiristoosiiti.

Seenaan gaddaa kan biraa kunooti.Seenaa cuuphaa Bishaaniiti. Bara Yesuusitti fi guyyaa Shantamaffaan booda bishaan keessatti cuuphamani turan.Isa kana eenyullee diduu hin danda'u.Bakka hundaatti bishaan argachuun salphaa waan tureef wanti raawwatan hindi bidhaan gubbaan itti naquu ture jedhu warri baratan.Yommuus bishaan isaanitti naqan,Maqaa Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluudhaan cuuphan,ittiin waamamni sunniin akka maqaa sirrii ta'anitti fi Waaqa tokkon alatti Waaqni sadi akka ta'etti. Garuu dhaabbiledhuma keessa jirtan keessa ta'aati Cuuphaan Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiin akka ta'e barsiisa, sana booda Waaqayyon bakkuma jirtanitti bahuu fi bahuu dhabuu keessan isinitti hima. Hin danda'amu.

Phaawulos raajii Hafuura Qulqulluudhaan barate ture. Phaawulos Maqaa Gooftaa Yesuus Kiristoositti yoo cuphee fi namni kamiiyyuu lallabbi nuti isiniif lallabneen alatti kan lallabu yoo jiraate kan abaarame haa ta'u yoo jedhe, amma bara Waldaan Hafuura Qulqulluudhaan utuu hin ta'an garuu immoo hafuura Niqolaatawaatiin kan ajajamtu ta'uun ishee beekkamaa dha. Hojii Ergamootaa 20:27-30,

"Anoo fedha Waaqayyoo hundumaa isinitti labsuudhaaf hin seesne.

Of eeggadhaa, karaa hoolota Waaqayyo,warra Hafuurri Qulqulluun akka eegdan isiniif dhaabefis eeggadhaa,Waldaa Kiristaanaa isa Waaqayyo dhiiga Ilma isaa tokkichaatin kan isaa godhate eegaa.

Erga ani deemee immoo warri akka yeeyyii sodaachisoon hoolota karra keessatti kan hin hambifne akka isin gidduu galan ani beeka.

Isinuma keessaa iyyuu namoonni dubbii dhugaa jallisuudhaan amantoota gara galchanii uf duuka buusan ni ka'u."

Inni kun dhufaa jiraachuu isaa Phaawuls argee jira. Inni garuu waay'ee luboonni sobdoonni dhufanii barsisa sobaa isaaniitiin gonfachuu akka danda'an ni beeka. Waaqeffannaa namootaa keessatti tajaajilli Hafuura Qulqulluu akka hin jiraanne akka godhan Phaawulus ni beeka ture. Amma iyyuu Waaqeffatoota nuti bilisa jedhan keessatti bilisummaan baay'een kan hin jirree fi wanti gaariin ilaaluu dandeenyu yoo jiraate garuu tajaajiltoota tokko tokko haala gaariidhaan tajaajiluuf yaalan garuu immoo tuutni Waaqeffattoota akka keessa xuuxuuf yommuu yaalanii dha. Inni kun booyicha fageenyaa yommuu hundi bakka tokkotti sassabaman, hundi isaanii hafuura Qulqulluudhaan guutamani hundi isaaniis Waaqeffannaa Hafuura Qulqulluu keessatti hirmaatan jedhee Phaawulos dubbate.

Bulchitoonni Waldaa sagantaa kana gonkumaa Caafata yookaan immoo seenaa keessaa hin barre. Yeroo hundaa Waaqayyo daawwi Hafuura Qulqulluu godha, namoonni immoo bilisaan argatu,yeroo muraasa garuu wanta irraa dhufanitti deebi'anii hidhamu. Yommuu Lutar Kaatoolika keessaa ba'ee dhufu, namoonni yeroo muraasaaf bilisa ta'an. Garuu yommuu inni du'utti, namoonni salphumatti wanta yaada inni itti amana jedhan irratti gurmaa'anii sirna amantaa ofii isaanii hundeessuudhaan nama faallaa isaanii

dubbatu hundaa maqaa balleessuu eegalan.Garaagarummaa xinnoodhaan deebi'anii gara Kaatolukummaatti deebi'an.Yeroo ammaa immoo Kaatolikoonni heddu duubatti deebi'uudhaaf qophii dha.

Oh, eeyyee! Mul'ata Yohaannis 12 keessatti, Ijjituun durii sun ijoollee durbaa heddu qabdi. Ijoolleen durbaa kun akkuma haadha isaaniiti. Isaan Sagalee Waaqayyo laddatti godhuun, hojii hafuuraa Waaqayyoo diduun, waaqeffattoota sobuudhaan, amantoonni karaa isaaniitiin yoo dhufan malee Waaqayyoon waaqeffachuu akka hin dandeenye godhan, kunis barreeffama magariisa amanuu dhabuu Seexana irraa kan dhufee dha malee wamaa miti.

Eessa,Oh, nuti hafuuraan jirraa? Nuti gammoojji dukkanaa keess jirra. Waldicha jalqabaa irraa hammam fagaanne deemnee jirraa. Guyyaa shantamaffaan eessattuu argamuu hin dandeenye,sagalichis akkasuma. Dhaalli abboota, kan bara ammaa hunda gonfate, Sagalicha keessatti argamuu hin danda'u. Inni Meeshaa nam-tolchee dha. Inni karaa seera dhabeessa ta'een seenuudhaan dhugaa bulchitoota WaldaaNAMA utuu hin ta'in, WAAQAYYO dhaabe keessa seene. Pheexiroos Roomaa keessa iyyuu hin turre. Garuu isaan immoo achii ture jedhaa soba dubbatu. Achi keessa akka hin turre seenaan mirkaneesse jira.Namoonni seenaa dubbisan jiru, garuu gateetti isaaniitin diduudhaan soba amanuuf namoonni deeman ni jiru.Sagalicha keessatti 'Eegdonni Kiristoosii' eessa jiruu? Eenyulle iddoo Isaa hin qabanne, garuu inni kun himamee namoonnis ofitti fudhatanii jiru.'Mul'ata itti eda'amee' Waaqayyoon fudhatama argate keessattuu mul'aticha dursa kennamen faallaa ta'e eessaatti argituu? Garuu namoonni isa kana ofitti fudhatanii irrattis boqachaa jiru. 'bakka cubbamtoonni itti qullaa'an eessaa argituu? 'Qiddaasee eessaa jiraa? CCubbuun keessan akka isin irraa haqamu qarshii kaffalaa kan jedhu eessa jiraa? Sagalicha keessa hin jiru kun, garuu namoonni macaafota isaanii keessatti barreessanii, sodaachisuudhaan ummata bulchu. Namni akka waan Waaqa ta'etti cubbuu keenya kan nurraa haqu eessa jiraa? Warri akka "Yeeyyi sodaachisoo" kan jedhu isaan ibsuudhaaf ga'aa dha. Niqolaatawummaa. Dhaabbatoota. Namni nama irratti aangoo yommuu qabaatu.

Gara Waaqayyootti deebi'aa.Isinitti barfachuu isaatiin dura cubbuu garaa keessanii himadhaa. Barreeffamicha harkaa girgiddicha irratti barreeffame ilaalaa. Inni sun barreeffama firdiiti.Qaamonni qulqulluu ta'an waan of busheessaniif, badii Waaqayyoo geessisani turan, amma immoo Sagalicha Qulqulluu waan busheessaniif, Hafuurrichis gaddee jira guyyaan firdiis ga'ee jira, balbala irrattis dhaabbachaa jira. Cubbuu garaa keessanii himadhaa! cubbuu garaa keessannii himadhaa!Gara guyyaa shantamaffaatti deebi'aa, maaliif duunaa?

Sagalee Hafuurichaa

Mul'ata Yohaannis 2:7,

"Namni gurra qabu, isa Hafuurri Qulqulluun Waldoota Kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u: Isa moo'eef muka ija isaa nyaatanii jiraatan isa jannata waaqayyoo keessa jirutti nyaachuu nan kennaaf."

"Namni gurra qabu, isa Hafuurri Qulqulluun Waldaalee Kiristaanaatiin jedhu haa dhaga'u."Akka tasaa namoonni miliyaanatti lakkaa'aman jecha kana ni dhaga'u yookaan ni dubbisu ta'a. Garuu nama meeqatu isa gara hojiitti geeddara?Isa kana nuti hin beeknu. Garuu immoo namni gurra isaa ergisee wanta sagaleen dhugaa jedhu dhageeffate, Sagaleen Waaqayyoo ifa yommuu ta'uuf ni arga. Gurri keessan Sagalichaaf banaa yoo ta'e, Hafuurri Waaqayyoo sagalicha ofii dhugaa isiniif ni taasisa. Inni sun hojii Hafuuraati. Ani dhugaa isin barsiisuu nan danda'a, garuu isin gurraa fi onnee keessan bantanii ofitti fudhachuu baannan, isinitti mul'achuu hin danda'u.

Amma hubadhaa, Hafuurri Qulqulluun Waldaalee Kiritaanaatti dubbachaa jira jedha. Inni kun tokko qofa utuu hin ta'in baay'ina agarsiisa. Hafuurricha isa kana Yohaannis Waldaa Ifeesooniif yookaan bara Waldaa jalqabaaf qofa akka barreessuu hin goone. Inni kun baroota Waldaa hundumaafii dha. Garuu inni kun bara Waldaa jalqabaati.Kanaafuu inni kun akkuma Macaafa Seera Uumamaati. Wanti Seera Uumamaa keessatti jalqabame Sagalicha guutuu keessatti dhugummaa isaa qabachuudhaan dhuma irratti Macaafa Mula'ataa keessatti xummurama.Kanaafuu, Waldaan hojii Ergamootaa keessatti eegalamte kun hanga bara Laawudooqiyaa keessatti xuuramtutti Kaayyoo Waaqayyooti. Sirriidhumatti ishee hubadhaa.Wanti amma ta'aa jiru hundi jalqaba waan ta'eef, barrii Waldaa hundinuu kan xiinxalu haa ta'u. Biqiltuun xinnoon dhaabamte sun amma biqilaa waan jirtuuf. Isheenis baroota hundaa keessa guddachaa deemti. Inni kun, yeroo sana

hanga Yesuus dhufutti ergaa Kiristaanota hundaa ta'aati deemti. Eeyye, Hafuurricha akkas waan jedhee himeef. Ameen.

Kaffalticha Waadaa Galame

Mul'ata Yohaannis 2:7,

"…: Isa moo'eef muka ija isaa nyaatanii jiraatan isa jannata waaqayyoo keessa jirutti nyaachuu nan kennaaf."

Inni kun warra baroota hundaa keessatti moo'aniif kaffaltii qophaa'ee dha. Yommuu waamichi dhumaa Waraanaa inni dhumaa dhageessifamutti, yommuu meshaa waraanaa keenya lafa keenyutti, yeroo sanatti jannata Waaqayyoo keessatti ni boqonna, ga'een keenyas Biqiltuu jireenyaa ta'a yeroo hundumaaf.

"Biqiltuu jireenyaa."Inni kun dubbii fakkeenyaa bareedaa mitii? Macaafa Seera Uumamaa keessattis macaa Mul'ataa keessattis yeroo sadi tarreeffamee jira. Iddoo jahanuu keessatti biqiltuu wal fakkaatu fi wanta tokkoon fakkeeffama.

Garuu Biqiltuun jireenyaa maalii dhaa? Haa ta'u, duraan dursinee, biqiltichi mataan isaa maal bakka bu'ee akka dhaabbate beekuu qabaanna. Faarfanaa 24:6 keessatti, Baalaam Israa'etootaan akka ibsetti, "Isaan akka muka Sabrii Waaqayyo dhaabeti." Biqiltuun caafatoota hundaa keessatti, akkuma Faarfannaa 1 keessatti namootaa kan bakka bu'anii dha. Kanaafuu biqiltuun jireenyaa nama jireenyaa ta'uu qabaata, sunis Yesuusi dha.

Amma Dallaa Edan keessatti biqiltoonni lama wal ladda dhaabbachaa tura. Inni tokko Biqilqtuu Jireenyaa yommuu ta'u, inni kaan immoo Biqiltuu Beekkumsa Gaarii fi Hamaa ture.Namni Biqiltuu Jireenyaatii akka jiraatu fi biqilticha isa kaan akka hin tuqnee fi yoo tuqe immoo ni du'a ture. Garuu immoo namni biqiltuu isa kaan irraa ni qoodate, yommuus kana raawwatu sababa cubbuu isaatiin duuti gara isaatti seene, Waaqayyo irratis ni foo'ame.

Amma biqiltuun Dallaa Edan keessa ture sun, biqiltuun madda jireenyaa ture sun, Yesuus ture. Wangeela Yohaannis, Boqonnaa jaha hanga sadeetti, Yesuus mataa isaa akka madda Jireenya bara baraatti agarsiisee jira. Buddeena waaqaa dhufe jedhee of waame. Mataa ofii dabarsee kennuu Isaatii fi namni kamiiyyuus foon isaa yoo nyaate akka hin duune ni dubbata. Abrahaamiin beekuu isaa ni labse, Abrahaamiin duras Inni akka TURE ibse. Inni mataan Isaa bishaan jireenya qabu akka isaaniif kennu fi namni kamiiyyuu immoo bishaan kana irraa yoo dhuge akka hin dheebonne, garuu immoo Jireenya bara baraa akka jiraatu raajii dubbate. Inni mataa ofi akka ANI GUDDICHA ANAAttii agarsiise. Inni buddeena jireenyaatti, Burqaa jireenyaa, Isa jireenya bara baraa qabu, BIQILTUU JIREENYAATI. Akkuma Inni Jannata Waaqayyoo keessatti argamutti, yeroo duriis Dallaa Edan keessa ture.

Namoonni tokko tokko Biqiltoonni lamaan sun akkuma biqiltoota biroo Waaqayyo Dallaa sana keessatti magarsiiseeti jedhanii yaadan. Garuu barattoonni ciccimoon kana akka hin taane sirritti ni beeku. Yommuu Yohaannis cuphaan hiddoota biqiltuu irratti qottoon kaa'amuu isaatiif booy'u san, calisee biqiltoota uumamaatiif hin turre kan boo'e, haa ta'u malee sirnoota Amataatiif dha. Amma Yohaanis 5:11 keessatti akkana jedha,

"Waaqayyo jireenya bara baraa nuuf kennee jira,egaa DHUGAAN isaa isa kana, jireenyi bara baraa kunis ilma Isaa keessatti argama."

Yohaannis 5 :40 keessatti Yesuus akkana jedhe,

"Haa ta'u iyyuu malee Jireenya akka qabaattaniif gara koo dhufuu hin barbaaddan."

Kanaafuu dhugaan, Sagaleen Waaqayyo ifaan ifatti JIREENYI,JIREENYI BARA BARAAIlmicha akka ta'e ni ibsa. Kunis Iddoo biraatti miti.1Yohannis 5:12,

"Namni Ilma Waaqayyo qabaatu JIREENYICHA qaba, Namni Ilma Waaqayyoo hin qabaanne JIREENYICHA HIN QABU."

Kanaafuu amma dhugaan jijjiramuu waan hin dandeenyeef, itti dabaluus irraas hir'isuun waan hin danda'amneef ddhugaan JIREENYI ILMICHA keessa jira jedhu hin jijjiramu… kana waan ta'eefis BIQILTUUN DALLICHA KEESSA TURE YESUUS TA'UU QABAATA.

Gaarii dha. Biqiltuun jireenyaa Nama erga ta'e, Biqiltuun Beekkumsa Gaarii fi Haamaas sanuma. Kan biraa ta'uu hin danda'u. Kanaafuu Dalladhuma Edan keessatti Inni qulqulluuni fi Hamaan wal ladda dhaabbachaa turan jechuu dha. Hisqi'eel 28:13,

"Ati (Seexanni) iddoo dhaaba Waaqayyoo isa Eden jiru keessa turte."

Mul'ata sanyicha bofaa sirritti bakki itti hubannu iddoo kana. Iddoo dhaaba Waaqayyo Eden keessatti wanti dhugaatti raawwatame kana. Heewaan bofichaan dogongorsamuu ishee Sagalichi ni dubba. Dhugumattis isheen bofichaan sobamtee turte. nSeera Uumamaa 3:1 keessatti akkana jedha,

"Bineensa bakkee Waaqayyo Gooftaan uume keessaa bofni caalaa haxxee ture."

(Uumamni kun guutumatti bineensa ta'ee utuu jiruu) garuu baay'inaan dhala namaatti kan dhiyaatu waan ta'eef ni yaadas ni dubbatas. Uumama dhaabbataa ta'ee Chimpaazii fi nama jidduu kan jiru ta'ee garuu caalatti namatti kan dhiyaatu dha. Uumamni kun caalatti gara dhala namaatti kan dhiyaatu waan ta'eef sanyiin isaa sanyii dubatitti wajjiin makamuu waan dsanda'uuf, makamee isheenis akka qabattu ishee taasise jira. Yommuus kun raawwatamu, Waaqayyo boficha ni abaare.Lafee qaama bineensichaa keessa jiru hundaa Waaqayyo jijjire akka bofaatti lafa irra akka loo'u isa taasise. Saayinsiin wanta barbaade hunda gochuudhaaf ni yaala, garuu walqabsiiftuu kana argachuu hin dandeenye. Isa sana Waaqayyo qofatu arge. Namni qaroo waan ta'eef walitti dhufeenya namaa fi bineensaa arguu waan danda'eef namni kan uumame adeemsa jijjiramaatiin jedhee mirkaneessuudhaaf ni yaala. Wanti adeemsa jijjiramaa jedhamu hin jiru. Garuu immoo namni fi bineensi walitti makamanii jiru. Inni kun icciitiiwwan waaqayyo dhokatan keessaa isa tokkoo dha, garuu immoo nuuf ibsamee jira. kuni yeroo durii Heewwan jireenya diddee du'a ofitti fudhatetti iddoo dhaabaa keessatti kan raawwatamee dha.

Iddoo dhaabaa keessatti Waan Waaqayyo isaaniin jedhe ilaalaa.

Seera Uumamaa 3:15,

"Anis ii fi dubartitti jidduu, sanyii keetii fi sanyii ishee gidduu diinummaa nan buusa, inni mataa kee ni buruqsa, atis komee isaa ni iddita."

Durbartittiin sanyi qabaachuu ishee sagalicha dubbatuuf gatii yoo kennine, Bofichis dirqamatti sanyii ni qabaata. Sanyichi dubartii namaan alatti kan daa'ima namaa yoo ta'e sanyichi bofichaas haaluma sana ta'a, namtichaan biraa sun immoo wal qunnamtii dhiiraatiin alatti dhalaqchuu qabaata. Sanyichi dubartittii sun Wal qunnamtii namaatiin utuu hin ta'in Kiristoos karaa Waaqayyootiin dhufuu isaa barataan hin beekne tokkos hin jiraatu.Haaluma sanaanis tilmaamni buruqsamuun mataa bofichaa sirriidhumatti wanta Kiristoos masqala irratti Seexana irratt raawwatuuf kan raajeffamee dha.Masqalicha irratti Kiristoos mataa Seexanaa ni buruqsa,Seexanni immoo Komee Gooftaa ni idda.

Caafatichi kun haala sanyichi bofaa biyya lafaa irratti facaafame kan agarsiisuu dha, Luqaas 1:26-35tti yommuu ilaalcha keessa galchinus haala sanyyiin dubartii sanyii dhiiraatiin alatti jireenyatti akka deebi'e kan agarsiisuu dha.

" Ergamichi Gabri'eel Waaqayyo biraa Kutaa biyya Galilaa mandara Naazaret jedhamtutti ergame,

Ergaan isaas gara durba Maariyaam jedhamtu tokkotti ture, isheen nama Yoosef jedhamu Sanyii Daawit keessa dhalate tokkoof kaadhimatamtee turte.

Ergamichi isheetti mul'atee, 'Waaqayyo gooftaan si wajjiin jira'o nagaan siif haa ta'u, Yaa ayyaana qabeetti' jedheen.

Maariyaam nagaa kana yommuu dhageesse, yaadaan dhiphatte, 'Kun maal jechuu dhaa'? jettee of gaafatte.

Yommuus ergamichi isheedhaan, 'Yaa Maariyaam Waaqayyo biraa ayyaana argatetta hin sodaatin!' jedheen.

Kunii ni ulfoofta,ilmas ni deessa,Maqaa Isaa immoo YESUUS jedhii moggaasi!.

Inni guddaa ni ta'a,ilma abbaas jedhamee ni waamama, Waaqayyo gooftaanis teessoo abaabilii isaa Daawwitiin ni kennaaf.

mana Yaaqob irratti bara baraan ni moo'a, Barri Mootummaa Isaas dhuma hin qabu' jedhe.

Maariyaam yommuus , 'anoo ammalle durba, kun akkamitti ta'uu danda'aa?'jettee ergamicha gaafatte.

Erhgamichi immoo, 'Hafuurri Qulqulluun si irra ni bu'a,humni aabbaas si golboota, kanaafis mucichi si irraa dhalatu kun Qulqulluudhaa fi ilma Waaqayyoo jedhamee ni waamama."

Sanyiin dubartittii ifaan ifatti Waaqayyo qaama namaatiin yommuu of uumuu dha, haaluma sanaan sanyiin Seexanaas gara dhala namaatti of seensisuudhaaf balbala kan

ittiin banatee dha. Seexanni (UUMAA hafuura ta'e) waan ta'eef haala Waaqayyoo of uumeen uumamuudhaaf hin danda'amneef ture, kanaafis seerri uumamaa haala inni sanyyi isaa gara sanyii namttiitti make of baay'ise ni dubbata. Akkasumas yaadadhaa Seexanni bofa jedhamuu isaa. Sanyyiin isaa gara dhala namaatti makamuu isaati kan nuti dubbachaa jirru.

Addaam, Heewaanin bira ga'uu isaatiin dura, bofichi waay'e kana dursa sammuu isaa keessatti ni beeka ture. Kan isa irraa dhalate immoo Qaayil ture.Qaayiliin kan"Hamaa" sanature.1Yoh3:12.Hafuurri Qulqulluun Yohaannis keessa ture bakka tokkotti illee Addaamiin "kan Hamaa sana" ture hin jedhu,(inni abbaa Qaayiil utuu ta'e kan ta'uu danda'u kanuma) bakka biraatti, bakka biraatti immoo Addaamiin "Ilma Waaqayyo" kan uumame jedhaan. Luqaas 3:38. Qaayil inni du'a fidu,ajjeessaan amalaan abbaadhuma isaa fakkaate.Eenyummaan isaa yeroo Seera Uumamaa 4:5,9,13,14keessatti inni amala namaa akka qabu yoommuu itti agarsiisu.

"Gara Qaayinii fi gara kennaa isaa garuu faaraa gaariidhaan hin ilaalle,kana irratti aare boba'e mataa buuse.

Waaqayyo yommus, 'Abeel obboleessi kee eessa jiraa?' jedhee Qaayiin gaafate;inni immoo deebisee, 'Ani hin beeku, obboleessa koo natu eegaa?' jedhe.

Qaayiin deebisee Waaqayyoon, 'adabamuun koo isa ani baachuu danda'uu gararraa ta'e.

Kunoo,ati har'a lafa maasii koo irraa na ariiteetta, fuula kee duras dhokachuun na irra jira;ani lafa irratti nama joora,nama lafa dhaqu hin qabnes nan ta'a, namni na arge hundinuus ana ni ajjeessa' jedhe."

Dhaloota Qaayii,Abeelii fi Seexii haala Waaqayyo karaa adeemsa dhaloota isaanii sirritti galmeesse ilaalaa. Seera Uumamaa 4:1,

"Addaam, Heewaan haadha manaa isaa bira ga'e, isheenis ulfooftee ilma Qaayiin jedhamu deesse, 'Ani gargaarsa Waaqayyootiin nama tokko godhadheera' jette, itti dabaltees obboleessa isaa Abeeliin deesse."

Seera Uumamaa 4:25,

"Addaam ammas haadha manaa isaa bira ga'e, isheenis ilma deesse, maqaa isaas 'Sheet' jettee moggaafte…"

Addaam haadha manaa isaa bira yeroo LAMA ga'uu irraan kan ka'e ijoolleen SADI dhalachuu danda'anii jiru.Macaafni Qulqulluun Sagalee Waaqayyoo isa qulqulluu fi sirrii waan ta'eef, inni kun dogongora utuu hin ta'in ibsa keenyaaf kan barreeffamee dha. Gocha LAMAAN addaamii irraa kan ka'e ijoolleen SADI waan dhalataniif, ilaalcha GAARIIDHAAN ijoollee sadeen keessaa inni tokko kan Addaamii akka hin taane ni beektu. Waaqayyo haala sirri ta'e kanaan kan galmeesseef waan tokko nutti agarsiisuudhaaf. Dhugaan dhimmichaa Heewwaan gadaamessa ishee keessatti ijoollee dhiiraa LAMA(Lakkuu) sanyii GARAGARAA irraa ulfooftee jirti.Garaa ishee keessatti lakkuu lama, Qaayiin dursa dura ulfooftee itti aantee immoo Abeeliin ulfoofte.Irra deebi'aa LAKKUUWWAN sana ilaalaa. Yeroo Hundaa fakkeenya dhugaati.Warra inni kun ta'uu hin danda'u jedhanii yaadaniif, galmeen meedicaalii guututti akka agarsiifametti dubartiin takka Ovaalii gara garaa keessatti sanyii abboota lama irraa karaa uumamaatii ulfaa'uu ishee, ISA KANA QOFA UTUU HIN TA'IN, Lakkuun iyyuu kan abboota gara garaa akka ta'an galmeen ni agarsiisa. Dhiyeenyuma kana dhimmi Haadha manaa biyya Noorweeyii abbaa manaa isheettiin ijoojjee lakkuu, inni tokko adii fi inni biraa immoo gurraacha kan ta'aniif gargaaru qaba jettee himatte Addunyaa maraa Waliin ga'ee jira. Jaalala gurraacha qabaachuu ishee amantee jira.Ulfi ijoollee lamaanii garaagarummaa torbee sadihii kan qabuu dha. Beemont, Teeksaas,1963 keessatti, galmeen biraa kan ulfi yeroo gara garaatti kan raawwattame yeroo tokkotti kan dhalatan agarsiifamee jira, haati sun garuu ilma tokkocha akkuma deesseen duutee jirti.

Amma inni kun maaliif akkas ta'uu eegalee? Sanyichi bofaa karaa kanaan maalif dhufuun isa barbaachisee? Ilmi namaa Waaqayyoof uumame. Ilmi imaa Teessoo Waaqayyo ta'uudhaaf uumame.Bakka boqonnaa Waaqayyo (Hafuurri Qulqulluun) waldaan nama ture. Hjii Ergamootaa 7:46-51,

"Daawiti yommuus Waaqayyo duratti ayyaana argate, Waaqayyo isaa kan Yaaqobiif mana ijaaruudhaaf gaafate.

Waaqayyoof mana kan ijaare garuu Solomoon ture,

Waaqayyo inni hundumaa gararraa jiru immoo manneen harka namaatiin hojjatama

keessa hin jiraatu.

Raajichi akkuma jedhu iyyuu, 'Bantiin Waaqaa teessoo kooti, laftis ijjata miila kootiiti. Mana attamii anaaf ijaartu ree? Yookiis iddoon boqonnaa Kootii isa kam?

Isaan kana hundumaa harka kootu hojjate mitii ree? jedhe gooftichi.

Isin mata qabeeyyii nana,garaan keessan akka garaa warra Waaqayyotti hin amaniniiti, gurri keessan akka gurra warra Waaqayyoon him dhaga'iniiti. Akkuma abboonni keessan sana gochaa turan, isinis yeroo hundumaa Hafuura Qulqulluu jalaa diddu."

Seexanni isa kana jalqabaa kaasee ni beeka ture.Innis akkuma Waaqayyoo ilma namaa keessa buluu barbaade ture. Garuu immoo mirga sana Waaqayyo ofii Isaatiif kaa'e. Seexanni garuu kana gochuu hin dandeenye. Waaqayyo mataan Isaa qaama namaatin mul'ate.Seexanni isa kana hin goones gochuus hin danda'u. Inni humna uumuu hin qabu.Seexanni karaan inni kaayyoo isaa itti galmaa'an ga'achuu danda'u Iddoo dhaabaatti akkuma Hafuuricha hamaa Gadaraatti booyye keessa seensisetti boficha seensisuu qofaadhaan. Waaqayyo bineensota keessa hin seenu, seexanni garuu Kaayyoo isaa galmaan ga'uudhaaf bineensota keessa ni seena. Waaqayyo qajeelatti Maariyaam irraan ilma argatetti Seexanni qajeelatti Heewan irraa ilma argachuu waan hin dandeenyeefgara bofichaatti seenuudhaan Heewaaniin haqqachiise. Ishees sosobuudhaan Seexanni ishee irraa daa'ima argate. Qaayiin amala guutuu Seexanaa fi bineensawa (miiraanii fi qaamaan) immoo kan bofaa qabate dhalate.Hafuurrichi Qulqulluun Qaayin kan Hamichaatti jechuun isaa kan dinqisiisuu miti. Sirridhumatti tures.

Amma gara garaagarummaa nama fi bineensaa gidduu jiru mirkaneesuuf deemuutti jira. Innis wanta qaamaan mul'atuu dha. Seelii hin dhalatin Feetasii keessaa fuutanii qaama nama keessa kaa'uu akka dandeessan beektuu? Sana booda Seelonni Taayirooyidi suniin gara Seelii Taayrooyidi namaatti ni jijjiramu, seelonni Kalee gara seelii kale namaatti ni guddatu.Inni kun gadhummaa akka ta'e hubattanii? Beektonni tokko tokko Seelota bineensotaa kan namaatin ni jijjiruu. Beektonni tokko tokko seelota kana fuudhanii kan biraatiin ni jijjiruu. Seeli namaati fi kan bineensota gidduu garaagarummaan ni jira. lamaan kana walitti makanii uumuu hin danda'an. Inni kun yaalamaa turee jira.Garuu duri walitti makamiinsi sun Iddoo dhaabaa keesstti raawwatamee fi garaagarummaan keemikaala hanga ammaa jiru isa kana ni mirkaneessa. Iddoo dhaabichaa keessatti boficha uumamaa oljedhee deemu ture. Uumaan kunis namatti baay'ee kan dhiyaate ture. Caalatti kan nama fakkaatu ture. Seexanni dhaaba qaama bofichaatti fayyadamee Heewaaniin haxxeesse. Sana booda Waaqayyo dhaaba boficha sana barbadeesse. Bineensi biraa kamiiyyuu nama wajjiin makamuu hin danda'u. garuu walitti dhufeenyi sun ni jira.

Amma fageenya hamma kana dhufnee jirra waan ta'eef, yaada keessan kan mata duree kana irra jiru ifa isniif godhe sana booda maaliif gara Barsiisa Sanyii Bofichaa jedhutti maaliif deemaa akka jirruu hubachuu ni dandeessu. Iddoo Dhaabaa keessatti biqiltuuwwaan LAMA jiraachuu isaanii yaada jedhuun eegalle. Biqiltuun Jireenyaa Yesuus ture. Inni kaan immoo bu'aa Firii Biqiltuu sana irraa sababa argameef Seexana ture. Kanaafuu, biqiltuuwwaan lamaan sun walitti dhufeenya dhala namaa wajjiin sababa qabaniif malee bakka sana kaa'amuu hin danda'an ture. Walitti dhufeenya dhala namaa wajjiin qabaniin kaayyoo olaanaa Waaqayyoo keessatti bakka waan qabaniif malee saayinsaawummaa Waaqayyoo beekuu hin dandeenyu ture. Inni kun hanga ammattii dhugaa dha, mitii? Amma uumamuu biyya lafaatiin DURA kaayyoon Waaqayyoo jireenya bara baraa Isaa dhala namaa waajjiin qaadachuu akka ta'e Sagalichi ifumatti ni tarreessa. Ifeesoon 1:4-11,

"Inni uumamuu biyya lafaatiin dura iyyuu warra qulqullaa'an,warra Isa duratti mudaa hin qabne akka taanuuf jaalalaan karaa kiristoos nuuf foo'ateera.

Waaqayyo, karaa Yesuus Kiristoos ilmaan Isaa taane akka guddifamnuuf, akka fedha Isaa isa gaarittti yaadaan nuuf qabeera.

Kunoos guddina ayyaana Isaa, isa Inni ilma Isaa isa jaallatamaadhaan nutti tolee ni galateeffachiisa.

Akka badhaadhummaa ayyaana Isaattis Kiristoos dhiiga Isaa nuuf dhangalaasuu Isaatiin furamuu, dhiifamuu cubbuus qabna.

Ayyaanni Inni ogummaa isaa fi hubannaa isaa hundumaan nu irratti dhangalaase baay'ee dha.

Waaqayyoo waan Isatti gaarii fakkaate karaa Kiristoos itti yaade of dura kaa'ate turee; ammas dhoksaan fedha isaa kun nu biratti akka beekamu godhe.

Barri muramee yeroo guututti, Waaqayyo akka ittiin fayyisutti akeeketti, wanta bantii Waaqaa keessa jiru, wanta lafa irra jiru, wanta hundumaas harka Kiristoos jalatti walitti ni qaba.

Waaqayyo wanti hundinuu akka akeeka isaatti fi fedha isaatitti akka ta'u ni godha, nus immoo akka Inni yaade qopheesse of duraa qabutti, karaa Kiristoos foo'amneerra.

Mul'ata Yohaannis 13:8,

"Warra lafa irra jiraatan keessaa,uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee,isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman irratti hin argamne (Seexana), hundinuu bineensichaaf sagaduuf jiru."

Jireenyi sun garuu "Waaqayyo qaamaan mul'atutiin malee" karaa biraatiin hin qoodamnes of afoos qoodamuu hin danda'u. Kanaafuu inni kun garee kaayyoo Isaa uumamuu biyya lafaatiin duraati. Kaayyoon kun ayyaanni Isaatti akka galateeffamuuf ture. Inni sun akka fayyinuuf kan kaayyeffame ture.Amma sirritti dhageeffadhaa. "Waaqayyo fayyisaa waan ta'eef,Inni fayyisaa ta'uu isaa mirkaneessuudhaaf duraan dursee ilma namaa fayyummaan akka isa barbaachisu taasisuun sababa ga'aa ture."Inni kun dhibbeentaadhaan dhugaa fi caafatoonni hedduun isa Warra Roomaa 11:36 jaha irra jiru ni mirkaneessu.

"Wanta hundumaa Waaqayyotu uume, WANTI HUNDUMTUU Isaan ni jiraata, wanti hundumtuus Isaaf ni jiraata, bara baraan Isaaf Galanni haa ta'u. Ameen."

Ilmi namaa qajeelatti Iddoo Dhaabaa sanatti dhufee Biqiltuu Jireenyaa irraa qoodachuu hin danda'u ture. Jireenyi bara baraa Biqiltichaa sun dursa qaamaan dhalachuun irraa eegama ture.Garuu Waaqayyo ka'ee warra cubbaman fayyisuu Isaatiin dura,Cubbamaa Inni kaasee fayyisu danda'u qabaachuu qabaata ture.Ilmi namaa cubbuun kufuu qabaata ture.Kufiinsi cubbuu kan sababni isaa Seexana ta'e, kufiinsa sana fiixaan ga'uudhaaf foon uffatee dhufuu qabaata ture.Seexannis Foon uffate dhufuu qabaata ture. Garuu Kiristoos dhala namaa Isa cubbuun kufe fayyisuudhaaf foon uffatte dhufee akka fayyisutti, Seexanni immoo foon namaa uffate dhufee dhala namaa cubbuun Kuffifuu hin danda'u ture. Garuu immoo bineensi, boficha jedhamuu fi baay'inaan kan ilma namaatti dhiyaatu kan seexanni gara qaama kanatti seenuudhaan sababa qaama kanaatiin gara ilma namaatti seenuudhaan akka kufu, akkuma Yesuus dhufee eenyummaa Isaa qaama dhala namaa keessa bulchuudhaan hanga du'aa ka'uutti fi Nutis qaama Ulfaata akka Isaa qabaannutti kan agarsiise, Seexannis eenyummaa isaas gara dhala namaatti seensise. Kanaafuu wanti Waaqayyoo Iddoo dhaabaa keessatti raawwate, kaayyoo Isaa uumamuu biyya lafaatiin duraati. Garuu yommuu Seexanni immoo kaayyicha Waaqayyootiif wanta barbaachise ta'e sana fidetti, ilmi namaa Biqiltuu Jireenya Iddicha dhaabaa keessaa argachuu hin dandeenye. Dhugumatti hin arganne. Yeroo isaa hin turre. Garuu bineensi(kuffinsi cubbuu sababa bineensaatin waan ta'eefi mitii? dhiigni bineensaa jiguu kan barbdaachise)fudhatamee sana booda Waaqayyo ilma namaa wajjiin irra deebi'ee irbaata nyaate. Itti aansee guyyaan Waaqayyo Fooniin mul'atu dhufa waan tureef,karaa dhiphinna Isaatiin dhufee ilmi namaa Jireenya bara baraa sana akka qoodatu taaise. Yommu isa kana ilaaltanitti, waay'ee sanyicha bofaa qayyabachuu fi firii Heewwan nyaatte akka hin taane ni beektu. Miti, makamiinsa sanyichaatiin dhalli namaa waan kufeef.

Amma , gaafii tokko yeroo deebisutti, inni biraa immoo akka dhufu nan beeka, namoonni immoo, "Heewwaan haala sanaan yoo kufte,Addaam maal godheti Waaqayyo badii kan isa irra geesse?" Inni kun salphaa dha. Sagaleen Waaqayyo waaqa keessatti bara baraaf kan furamee dha. Uumamuu addeessa tokkootiin dura, Sagalichi sun(Seerichi Waaqayyoo)HAALUMA MACAAFA QULQULLUU KEENYA IRRATTI BARRAAYEEN JIRA. Dubartiin takka abbaa warraa ishee dhiiftee gara nama biraatti yoo deemte sagaagaltuu akka taate fi dhiirsi ishii inni duraa akka hin deebisnetti Macaafni Qulqulluun ni dubbata.Muuseen seericha keessatti barreessuu isaatiin dura Iddoo Dhaabaa keessa ni jira. Sagalichi hin jijjiramu. Addaam ishee ni deebise.Wanta inni gochaa jiru ni beeka ture, haala kamiinis ta'u ni raawwate. Isheen qaama isaa turte, gaafii ishee irra dhufu hunda itti gaafatamummaa ni fudhate. Akka deemtu ni eeyyameef. Kanaafuu Heewwan Isaan ni qabatte. Kana akka gootus ni beeka ture. Wanta dhala namaa irratti raawwatamu hunda ni beeka ture, Heewaanin argachuu akka danda'uufis ilma namaa hunda gara cubbutti dabarsee kenne.

Kanaanis kan ka'e ijoolleen lamaan sun ni dhalatan. Ijoollee abbooti dhala namaa hundaa kan yeroo ammaa faalame sun.Waay'ee isaanii galmeen maal jedhaa?Galmicha Yihudaa 14 keessatti dubbisaa,

"Heenok Addaamii jalqabee dhaloota torbaffaa ture…"

Seerri Uumamaa 5 waay'ee dhaloota warra Heenokiiti.Dhaloota warra sanaa haala kanaan kaa'a, Addaam,2,.Sheet, 3. Inoosh,4.Qaayinaan,5. Mahalalel,6. Yaared,7. Heenok,

Hubadhaa,Qaayin as keessatti hin tuqamne. Dhaloonni Addaamii karaa Sheetiin deema. Qaayiin ilma Adaamii uttu ta'ee, seerri uumamaa Qaayiin mirga dhalootummaa ni kennaaf ture.Haaluma kanaan Seera Uumamaa 5:3 keessatti inni kun xxinxalamuu qabaata, "Addaam waggaa dhibbaa fi soddoma jiraate, ilma fakkaatti isaa ta'e, bifa isaas qabu tokko dhalche, maqaa isaa Sheet jedhee ni moggaase," jedha.Bakka biraa kamiittuu Qaayiin fakkaatti Addaamii ture hin jadhu, garuu immoo ilmmaa isaa ta'e utuu jiraate fakkaatti isaa ta'uu qabaata ture, seerri walhoruu namni kamiiyyuu fakkaatti ofii dhalcha waan jedhuuf. Akkasumas immoo dhaloota Seera Uumamaa fi Luqaas keessa jiran lachuu keessatti, Qaayiin hin jiru. Qaayiin ilma Addaami utuu ta'e bakka wayiitti ilma isaa akka ta'e ni ibsama ture, "Qaayii,inni ilma Addaami ta'e, fi ilma Waaqayyoo" kan ta'e jedhamee ni ibsama ture. Inni ilma waan HIN TAANEEF akkas hin jedhamne.

Qorattoonni yeroo dheeraadhaaf sanyii dhaloota lamaa kaa'anii jiru:Inni tokko sanyi dhala Waaqaa Sheeti yommuu ta'u inni biraa immoo Sany dhala Waaqayyoo hin ta'in Qaayii dha.Inni kun wanta haarawa fakkaata, garuu dhugaa dha. Bartoonni kun Abeelii fi Sheeti namoota Hafuuraan guutamanii fi namoota Waaqayyoo akka ta'an yommuu nutti himan amalli Qaayii maal akka fakkaatu garuu nutti hin himne.Haala qabatamaadhaan garuu Qaayiin, Abeel caalaa kan Hafuuraan guutame ta'uu qabaata ture, sheeti fi dhaloonni isatti anee dhufe haaluma sanaan yeroo hundaa Waaqayyo irraa fagaachaa waan deemaniif caalatti gadii aanoodha.Garuu Qaayiin kanaan dura nama hamummaadhaan himatame eenyuyyuu caala arfaffaa irratti dhufe.

Mee amma inni kun kan beekame haa ta'u: Caafanni sagalicha wajjiin hin taphatu. Wanti galmeedhaan kaa'ame kamiiyyuu ijoonni dibaman akka laalaniif dha. Kaayyoodhaaf kaa'aman. Sagalicha sana keessatti, Seera Uumamaa 3:20,

"Namichi Addaam jedhames, haati manaa isaa haadha warra jiraatan hundumaa waan taateef maqaa ishee Hewwaan jedhee moggaase.

Garuu caafatichi bakka kamiittuu Addaamiin abbaa Warra jiraatan hundumaa hin jedhu. Dhugaan kun Seera uumamaa 3:20 keessatti kaa'amuu kan hin kaa'amne utuu ta'ee, Hewwaan haadha warra jiraatan hundumaati jedhamee, Waay'een Addaam immoo hin tuqamnee?Dhugaan jiru Hewwaan haadha warra jiraatan hundumaa yommuu taatu, Addaam immoo Abbaa warra jiraatan hundumaati miti.

Seera Uumamaa 4:1keessatti, Hewwaan, "Ani gargaarsa Waaqayyootiin nama tokko godhadheera," jette. Addaamiin akka abbaa Qaayitti hin kabajine. Garuu immoo Seera Uumamaa 4:25 keessatti,

"…Iddoo Abeel, isa Qaayiin ajjeese,Waaqayyo DHALA kan biraa naaf buuse," jette.

Waaqayyo dhala biraa naaf KENNE hin jenne-utuu akkas ta'e Inni sun Kiristoos irraa ta'a ture. Ilmi kun, Sheet, BAKKA Abeel kan bu'ee dha. Ilma ishee karaa Addaamiin dhufe beekti malee,Qaayin karaa sanyii bofichaatiin akka dhufe yeroo sanatti hin hubanne.Yommuu isheen bakka Abeel, Waaqayyo DHALA BIRAA naaf kenne yommu jettuu, Qaayiin Abeel irraa adda kan ta'ee dha jedhuu isheeti, Isaan lachuu abbaa tokko irraa kan argaman utuu ta'anii, "DHALLI biraa itti naaf dabalame" jechuutu ishee irraa eeggama ture.

Ani wanta dubbisuu hundaa hin amanu, garuu immoo Waxabajjii 1, 1963 tti, Waay'ee JIREENYA saayikaatiristoonni wanti dubbattan kan amma nuti mari'achaa jirruu wajjiin kan wal fakkaatuu dha. Saayikaatiristoonni hundi walii akka hin galle nan beeka, garuu kun sirrii dha. Sodaan bofaaf qabnu beekaa utuu hin ta'in utuu hin beekanii dha. Inni kun soda uumamaan jiru utuu ta'ee namoonni gammachuudhaan fuuldura Goorillaa yookaan moora laanca afoo ni dhaabbatu ture. Yaadni isaan hin beeknetu boficha gammachuudhaan akka ilaalan taasisa. Ofitti hawatiinsi bofichaa kun utuu hin beekin feedhii saalaa kan fiduu dha. Inni kun baroota hundaa keessatti dhaloota gara dhalootaatti haaluma wal fakkaatuun daddarbaa kan dhufee dha. Bofni immoo yeroo hundaa haala dinqisiisaa ta'een kan ofitti hawatanii dha. Bofni yeroo durii irraa jalqabaa kaasee wanta gaarii fi hamaa bakka bu'aa dhufee jira.Bara dheeraadhaaf fakii qaama

saalaa dhiira dhaabbate ta'ee turee jira.Haaluma ibsa Iddoo Dhaabaa sanatti, Seexanni haala hawataa ta'een yommuu wanta hamaa fakkaasu.

Ummatoota aadaan bulan yookaan baruumsa hin qabne gidduutti Bofni Walqunnamtii saalaa wajjin caalatti kan walqabatee fi iddoo baay'etti kan waaqeffamuu dha. Qorannoon qunnamtii saalaa yeroo bakka hedduutti isa kana akka fakkeenyaatti ni dheeyessa, Amma namoonni kun warra hin barannee fi gonkumaa Macaafa Qulqulluu dubbisanii waan hin beekneef isa kana eessaa akka fidan beekuu nan barbaada.Garuu seenaan lolichaa addunyaa maraa keessatti waan beekametti, dhugaan kufiinsa namticha kanaas ni beekame. Iddoo Dhaabichaa keessatti wanta raawwatame ni beeku.

Amma bakkuma kanatti namni tokko gaafii kana na gaafachuutti jira: Waaqayyo, Hewwaan boficha ofirratti akka eegdu itti himee jira moo, bofichatu isii sobe? Amma dhaga'aa. Wanta raawwachuuf jiru wanti Waaqayyo dubbatu hin jiru. Dubbii ijoo dhimmichaa baraa. Inni salphumatti Sagalicha qofa itti kenne. BEEKUMSICHA irraa akka hin qoodamne qofa itti hime.JIREENYA qofa akka qoodattu.JIREENYI SAGALEE WAAQAYYOO WAAN TUREEF. DUUTI IMMOO WANTA BIRAA SAGALEE WAAQAYYOOTIIN ALA TA'E TURE. Isheenis JECHI TOKKO akka geeddaramu taasiftee jennaan battaluma sanatti Seexanni ishee argate. Waaqayyo, "Firii nyaachuu dandeettu caala biqilticha irraa hin buusiin," jechuuni ni danda'a ture. Seexannis, "Ilaali, inni kun sirrii dha.Firii heddu biqiltuu irraa yoo buufte ni shama.Garuu immo firichi akka hin shamne malli itti eegamu jira waan ta'eef wanguma dandeesse buusuu ni dandeessa. Argitee, mala dhuunfaa keeti fi mala Waaqayyo yeroo tokkotti argachuu ni dandeessa," jechuuni ni danda'a ture. Seexanni bakka sanatti ishee ni argata ture.Namni Seera TOKKO cabse, SeerotaHUNDAcabsuudhaan itti gaafatamaa dha. Sagalicha Gowwoonsuuf hin yaalinaa. Inni sun bara Amantaa Efeesoo keessatti bara 170 A.D dhumaa isaatin dura kanumatu ta'e.

Biqiltuun sun immoo maal oomishe? Biqiltuun beekkumsaa du'a fide. Qaayiin obboleessa isaa, Abeeliin ajjeese. Inni hamaan isa qulqulluu ajjeese. Inni sun garaagarumma uume. Duubbi raajotaatin wanti hundinuu hanga bakkatti deebi'u garaa garummaan sun ittuma fufa.

Biqiltuun beekkunsaa namoota ciccimoo, namoota bebeekkamoo, argamsiise. Garuu karaan isaanii karaa du'aati. Namoonni Waaqayyo sasalphoo, garuu immoo Hafuuraan kan guutaman, gara Waaqayyootti fi uumamaatti kan hirkatan, suutuman biyyootti kan fayyadaman, qabeenya caalaa dhugaadhaaf warra bulanii dha. Sanyichi bofaa daldalli olaanaan akka dhufu, argamni gurguddaan akka dhufu saasisee jira, garuu immoo bu'aan isa kana hundaa du'a. Daakuun xiyyiitii fi qawween isaanii yeroo waraanaa ni ajjeesa, yeroo nagaayatti immoo argamni mekaanikala isaani kan konkolaataa, yeroo waraanaatti namoota boombiin du'an caalaa yeroo nagayatti namoota baay'ee ajjeesa. Firiin dadhabbii isaanii du'aa fi badii dha.

Garuu immoo isaan namoota amantaati. Waaqayyotti ni amanu. Isaan akkuma Abbaa isaanii, Seexanaati fi dhaloota isaanii Qaayiiti. Isaan lachuu Waaqayyotti ni amanu. Gara Waldaas ni dhaqu. Akkuma Aramaan Qamadii wajjiin makamutti isaanis warra Qulqullaa'ota wajjiin ni makamu.Kana gochuudhaanis Amantaa Niqolaatawaa bade ni uumu. Akkuma Qaayin, obboleessa isaa ajjeesetti, isaanis sanyii qulqulluu waaqayyo balleessuudhaaf marzii isaanii ni naqu. Ija isaanii keessatti sodaan Waaqayyo konkumaa hin jiru.

Garuu Waaqayyo, kan isaa warra ta'an tokko ni dhaba.Yeroo du'aatis isaan ni eega, bara dhumaattis akka isaan kaasu abdii itti kennee jira.

Goolaba

"…: Isa moo'eef muka ija isaa nyaatanii jiraatan isa jannata waaqayyoo keessa jirutti nyaachuu nan kennaaf."

Wanta hammam nama hawatuu dhaa. Biqiltuun Jireenya Iddoo Dhaaba keessa sababa Cubbuun Kufiinsa Addaamiitiin bira ga'amuu hin danda'amne sun amma warra moo'aniif kennamee jira.Billaan akka ibiddaa balali'u kan Cheeribamii eegu amma uffifamee jira. Garuu immoo guutumatti hin uffifamne qarri isaa dhiiga Hoolichaatin kan dhangalaa'e dha.Mee amma akkuma dhugaa kana irratti yaadnutti Biqiltichi sun Addaamii fi dhaloota isaatiif dhooggamee amma immoo akka eeyyamameef.

Waaqayyo yommuu nama uumetti kaayyoon Isaa,Sagalee Isaa Ibsuudhaaf.Seera Uumamaa keessatti, Addaaniif Sagaleen kan kennameef ittiin haa jiraatuuf. Jireenyi Sagalichaan jiraatamu Sagalicha ibsamee dha. Inni sun dhugaa mitii? Garuu immoo

Addaan Sagalicha sanaan jiraate jiraa? Hin Jiraanne, sababni isaas, Inni Sagalee Waaqayyoo HUNDAAN akka jiraatu ture, garuu Inni immoo Sagalicha Hundaa gochaan agarsiisuu hin dandeenye. Sana booda Muuseen ni ka'e. Nama guddaa fi olaanaa hammamii turee. Innis akkasuma Sagalee HUNDUMAAN jiraachuu hin dandeenye, raajichi sunis, raajichi guddaan sun dhufee, Sagalichaaf ajajamee jiraachuu hin dandeenye. Akkasuma Daawitis, Mootichi guddaan Israa'el,Namtichaan guddaan Onnee Waaqayyoo qabus ture. Innis sagaagalummaadhaan qorame ni du'e. Garuu immoo booda yommuus yeroon ga'u, Inni mataa ta'e, tokko ni dhufe, Yesuus iyyuu,jechoota afaan Waaqayyoti bahan HUNDAAN akka jiraatu ilaaluudhaaf inni qoramee ture. Sana booda Seexanni, "Sagalee barreeffameen" jiraatuu tokko amma waan argameef ni qaana'e, Bulchaan olaanaan sun Sagalicha Waaqayyoo balaqqisuudhaan ni moo'e.Sana booda Inni Qulqulluummaan Isaa mirkanaa'e, Akka Hoola Qulqulluu Waaqayyo dhagna qabaatti gara Kallattii dabarsamee ni kenname. Mukicha irrattis madaa hanga du'aatti Isa geessisu fudhate, nutis, Maqaa Isaatiin, Sababa Isaatiin, Isaan Biqiltuu Jireenyaa irraa akka nyaannu, jireenyi bilisaan nuuf kenname sun immoo akka moo'annu fi Sagalee Waaqayyo akka ibsinu ta'ee jira.

Amma Isaan ijoollee Waaqayyo ta'aniif, warri Maqaa Isaatiin Moo'atan, mirgi jeennata Waaqayyoti fi Gooftaa Yesuus Kiristoos wajjiin walitti dhufeenya akka taasisan kennameefi jira.Sana booda Isa irraa adda foo'amuun hin jiraatu. Inni deemuus, misirroon Isaas ni deemti. Wanta Ini qabu hundaa kan Inni jaalatu wajjiin mirga dhaluu waaliiniin isaaniif ni qooda. Wantoonni iccitii ta'an ni ibsamu. Wantoonni dukkana ta'an ni ifu. Nutis akkuma beekkamne, njutis ni beekna. Nutis akka Isaa ni taana. Inni kun dhaala dhiigicha Hootaatiin moo'ef kennamee fi jalala Goofta Yesuus Kiristoosiif godhamee dha.

Karaan hin sirrofne sun sirraa'ee, Isaa wajjiin,lakkoofsa Yerrotin ala ta'uudhaaf yeroo hammamii fudhataa. Guyyaan sun dhufuudhaa fi nutis Sagalee Isaa warra kabajininee Ulfinaa Isaa Warra qoodannu kan mirkaneessu haa ta'u.

"Inni gurra qabu, wanta Hafuurri Waldaalee Kiristaanaatiif himu haa dhaga'u."Barri Amantaa duraa kun dhaga'uu dhabuun isaa hammam kan nama ajaa'ibuu dha. Bakka kana namoota dhaga'an. Garuu Waaqayyo haa galatoomu, bara dhumaatti gareen ka'u, Missirroon dhugaa bara dhumaa, Wanta Hafuurri itti himu kan dhaggeessu ni kaati. Barri dukkanni guddaan lafa guutu uwwisutti Sagalee dhugaa Waaqayyootiin ni deebi'a, nutis gara Humna Pheenxeqosxeetti Gooftaa Yesuus Kiristoonitti ni deebina.

MESSAGE online hub

www.messagehub.info

Kan Lallabame

William Marrion Branham

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7